

**XIINXALA DANDEETTII GA'UMSAAN BARREESSUU AFAAN
OROMOO :HAALA BARATTOOTA MANA BARUMSAA
JANARAAL TAADDASAA BIRRUU KUTAA 8FFAA**

KAASECH ANBISAA TAAMUNII

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU, GAMIISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE
AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIIF DHIYAATE**

KOLLEEJII NAMOOMAA,QORANNOO AFAANII,

JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIIMUUMMEE AFAAN

OROMOO, OGBARRUUFU FOKILARII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

HAGAYYA ,2011/2019

FINFINNE

**XIINXALA DANDEETTII GA'UMSAAN BARREESSUU
AFAAN OROMOO :HAALA BARATTOOTA MANA
BARUMSAA JANARAAL TAADDASAA BIRRUU KUTAA
8FFAA**

Yuunivarsiitii Finfinnee

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii ittiin guuttachuuf kaasech Anbisaa, mata -duree: *Xiinxala Dandeettii Ga'umsaan BarreessuuAfaan Oromoo Haala Barattoota Mana Barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu Kutaa 8ffaa Adeemsa Barbaachisu Guutee Dhihaate*

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____Mallattoo _____ Guyyaa _____

Axareera

Kaayyoon qorannoon kanaa ga'umsa dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa qaaccessuudha. Qorannoon geggeeffame kunis Mana Barumsa Janaraal Taddasaa Birruu barattoota kutaa 8ffaa irratti yammuu ta'u,manni barumsaa kun yeroo jalqabaaf Finfinnee keessatti Afaan Oromoon kan baname ta'ullee komee yeroo adda addaa dhimma dandeettii barreessuu ilaalchisee kan maatiirraa dhufu koreen GMB kaasaa waan turaniifi garaagarummaa barattoota gidduu jiru adda baasuu waan barbaaddeef qorattuun xiyyeeffannoo itti kenniteetti. Akkasumas, Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaafi ammamtaan(makaa) ijaaramee dhihaate. Kanamalees, qorannoo kana keessatti barattoonni Afaan Amariffaa barachaa turan 33 fi kan Afaan Oromoon jalqabaa kaasani baratan 72 walumatti barattoota 105 dareewwan hunda keessaa mala iddattoo miti carraatti filatamanii ragaa akka kennan taasifamee jira. Dabalataanis, barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 8ffaa barsiisan 2 qofa waan ta'aniif lamaan isaaniyyuu fudhatamuun ragaa akka kennan taasifamee jira. Akkasumas, qorannoo kana keessatti meeshaaleen funaansa ragaalee kanneen akka qormaata barreeffama dheeraa dubbisuufiin barreessisuufi mata duree filachuun keeyyata akka barreessan gochuufi afgaaffii barsiisotaafi barattootaa fayyadamuun ragaaleen funaanamanii jiru. Ragaaleen funaanamanis, mala qaaccessa ragaalee lakkoofsaafi jechaan qaaceffamanii dhihaatanii jiru. Argannoon qorannoo kanaarraa argame akka mul'atutti, barattoonni Afaan Oromoon jalqabarraa kaasee barachaa jiranis ta'ee Afaan Amaraan barachaa turanii amma Afaan Oromoon barachaa jiran rakkoo qubeessuu jechuunis dheeressuufi gabaabsuudhabuu,jab aachuufi laafiudhabuu,irrabutaafi hudhaa,sagalee dubbifamaafi dubbachiisaa bakka walbuusuu, qub guddeessaatti bakka malee fayyadamuu ,sirna tuqaalee iddoo barbaachisaa ta'etti fayyadamuu dhabuu, keeyyata Afaan Oromootiin Barreessuu keessatti filannoo jechootaa, seerluga sirrii ta'etti fayyadamuu dhabuu, hima gaarii ijaaruu, yaada maddisiisuu,yaada qindeessuu dhabuurratti dandeetti ga'umsa,barreessuu Afaan Oromootiin qaban xiqqaa ta'uusaa hubatamee jira. Akkasumas,akkaataan gilgaaloonni dandeettii barreessuu kitaaba Afaan Ormookutaa 8ffaa keessatti gochaaleen shaakalsiisan itti qophaa'an dandeetti birorraa hanqina kan qabu ta'uusaa hubatamee jira. Barsiisoonni Afaan Oromoo barsiisan rakkoo barattootaa adda baasuun deeggaruungahee qaban beekanii osoo hojiirraoolchanii gaariidha.

Galata

Mata duree qorannoo kanaa filachuurraa eegalanii xumura kanatti yaada gabbataa anaaf kennuunfi naqajeelchuun yeroofi human isaanii aarsaa kan naaf godhan gorsaa koo Dr.Dinqeessaa Dheeressaafgalata onneerraa madde dhiyeessuufiin baay'een isaan galateeffadha.

Itti aansuunis,qorannoo kana wayitan gaggeessu humna isaanii osoo hinqusatiin akkasumas,yeroo isaanii naaf wareeguun dadhabne osoo hinjedhiin gaaffilee qorannoo kanaaf qophaa'an naaf guutuun hirmaannaa guddaa kan naaf godhan hojjeetoota Mana Barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu sadarkaa Iffaa barsiisota barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa barsiisaniifi barattoota kutaa 8ffaa baratan akkasumas,barsiisota raga funaanuuniif qaaccessuun nagargaaraa turan barsiistuu Abbebech Caalaa, Alamneesh Gaaromaa, Abirahaam, Barrihuuniifi kanneen hafaniifgalatni ani isaaniif qabu baay'ee olaanaadha.

Kana malees,yeroo hundaa ana cinaa dhaabbachuun humnaan,yaadaan,maallaqaan deeggarsa barbaachisaa ta'e naaf gochuun qorannoo kiyya kana akkan xumuruu danda'u kan nataasisan abbkoo hundaaf galatni ani isaaniif qabu daangaa hinqabu.

Dhuma irrattis,beekumsaafi humna isaanii osoo hinqusatiin deeggarsa barbaachisaa ta'e hunda kan naaf taasiisaa turan hiriyoota koo hundaaf galatni isaaniif qabu baay'ee olaanaadha.Hundaa ol, qorannoo kana akkan xumuru kan nataasiise Waaqayyoof galatni haaga'u!

Hiika Jechootaafi Mallattoowwanii

Hiikni jechootaafi mallattoowwanii qorannoo kana keessatti tajaajilan osoo hiikni itti kennamee gaariidha kan jedhamee yaadame akka armaan gadiitti taa'anii jiru.

- ❖ Odeefkennitoota – namoota afgaaffiif dhiyaatanii yaada isaanii kennan agarsiisa.
- ❖ Eddeesaa –qubeen dubbachiisaa bakka walbu'uu yookiin qubeen dubbifamaa bakka walbu'uu agarsiisuuf kan fayyadamedha.
- ❖ / / Mallattoo dhamsaga
- ❖ { } Mallattoo dhamjechaa

Gabaajee fi kottoonfachiiftuu

Mataduree kana jalatti jechoota qorattuun qorannoo ishee keessatti yaada ishee ittiin ibsachuuf gargaaramte namoota biro qorannoo kana dubbisani kan dhihaate.

BBOBiiroo Barnoota Oromiyaa

Sad.....Sadarkaa

Dhi.....dhiira

Dha.....dhalaa

Ida.....ida'ama

GMB.....Gamtaa maatii barattootaa

Axareera-----	i
Galata-----	ii
Hiikaa Jechootaafi Mallattoowwanii -----	iii
Gabaajeefi kottoonfachiiftuu-----	iv
Baafata-----	v
Tarreeffama Gabateewwanii-----	vii
Boqonnaa Tokko: Seensa-----	1
1.1. Ariirrata Qorannichaa -----	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa-----	1
1.3 Kaayyowwan Qorannichaa-----	2
1.4. Faayidaa Qorannichaa -----	3
1.5. Daangaa Qorannichaa-----	3
1.6 Hanqina Qorannichaa-----	4
Boqonnaa Lama:Saakatta’a Barruu-----	5
2.1.Sakatta’a Barruu Yaadrimee-----	5
2.1.1 Maalummaa Dandeetti Barreessuu-----	5
2.1.2 Amaloota Barreeffama Gaarii-----	6
2.1.3.Barreessuun Maaliif Dandeettii Rakkisaafi Xaxamaa jedhame? -----	8
2.1.4.Maalummaa Doggogoggoran Barreessuu-----	10
2.1.5 Wantoota Dogoggoraan Barreessuuf nama saaxilan-----	11
2.1.6. Miidhaa Dogoggoran Barreessuun dhufu-----	12
2.1.7. Tooftaalee Barreessuu/Qubeessuu/ itti shakalsiisan-----	14
2.1.8 Faayidaa Dogoggora Qubeessuu-----	15
2.2.Sakatta’a Barruu walfakkii-----	16
Boqonnaa Sadii:Saxaxa Qorannichaafi Malleen Qorannichaa-----	18
3.1 Saxaxa Qorannichaa-----	18
3.2 Madda Ragaalee Qorannichaa -----	18
3.3.Meeshalee odeeffannoon ittiin funaanamu-----	18
3.4. Mala Iddatteessuu -----	19
3.5. Mala Qaaccessa Ragaa -----	20
Boqonnaa Afur: Qaaccessa,Ibsaafi Hiika ragaalee-----	22
4.1.Odeeffannoo waliigalaa-----	22
4.2. Qaaccessa Ragaalee -----	22

4 .2.1. Qaaccessa Akaakuu Dogoggora Qubeessuu(Sirritti Qubeessuudhabuu)Taasifame-----	23
4.2.1.1.Jechoota Gabaabbachuufi Dheerachuu Dhabuu-----	23
4.2.1.2 Jabaachuufi Laafuu Dhabuu-----	29
4.2.1.3 Dogoggora Irra-Butaafi Hudhaa Waliin Walqabatee Mul’atu. -----	34
4.2.1.4 Dogoggora Qubeewwan Bakka Walbu’uun Walqabatee Mul’atu/Eddeesaa/-----	39
4.2.1.5 Dogoggora Qubeessuu Haala Addaan Mul’atu-----	41
4.2.1.6 Jecha Tokko Keessatti Dogoggora Gosa Adda Addaa-----	45
4.2.1.7 Dogoggora Qubeessuu Qub-Guddeessaa-----	49
4.2.2.Itti Fayyadama Sirna Tuqaalee-----	54
4.2.2.1 Hanqina Itti Fayyadama Tuqaa Tokkoo (.)-----	56
4.2.2.2 Hanqina Itti Fayyadama Qoodduu (.)-----	56
4.2.2.3 Hanqina Itti Fayyadama Mallattoo Gaaffii (?)-----	57
4.2.2.4 Hanqina Itti Fayyadama Mallattoo Waraabbii(“ ”) -----	57
4.2.2.5 Hanqina Itti Fayyadama Mallattoo Raajiffannoo (!)-----	58
4.3.Qaaccessa af-gaaffii barsiisotaa-----	58
4.4. Qaaccessa af-gaaffii barattootaa-----	59
Boqonnaa Shan: Cuunfaa,Argannoofi Yaada Furmaataa-----	62
5.1 Cuunfaa-----	62
5.2Argannoo-----	62
5.3 Yaada Furmaataa-----	64
Wabiilee -----	67
Dabaleewwan-----	71
Dabalee A:-----	71
Dabalee B:-----	73
Dabalee C:-----	75

Tarreeffama Gabateewwanii

Gabatee 1.Odeeffannoo waliigalaa -----	22
Gabatee 2.Jechoota dhamsagni isaanii gabaabbachuufi dheerachuu dhabuu ammamtaan Agarsiisuu-----	24
Gabatee 3.Jechoota dheerachuufi gabaabbachuu dhabuu dhamsagoota qaban.-----	27
Gabatee(4) Dhamsgoonni jabachuufi laafuu dhabuu.-----	29
Gabatee(5) Jechoota dogoggora qubeessuu jabeessuufi laafuu dhabuu qaban.-----	33
Gabatee (6) Dogoggora qubeessuu irra-butaaifi hudhaa waliin walqabate amma/hangaan/ mul'isu.-----	35
Gabatee 7.Jechoota dogoggora irra-butaaifi hudhaa qaban-----	37
Gabatee 8. Dogoggora qubeessuu dubbachiisaan bakka walbu'uufi dubbifamaan bakka walbu'uammaan/ hangaan/ agarsiisu.-----	39
Gabatee 9.Jechoota dhamsagoonni isaanii bakka walbu'uun ijaaraman-----	40
Gabatee 10. Dogoggora qubeessuu addee-----	42
Gabatee 11.Jechoota dogoggora qubeessuu mul'atu /addee/ agarsiisan.-----	44
Gabatee 12. Jecha tokko keessatti dogoggora gosa adda addaa-----	46
Gabatee 13. Jechuma tokko keessatti dogoggora gosa garagaraa agarsiisu.-----	48
Gabatee14. Dogoggora qubeessuu qub-guddeessaa-----	49
Gabatee 15. Jechoota dogoggora qubeessuu qub-guddeessaa qaban-----	51
Gabatee 16 kun akkaataa barattoonni sirna tuqaalee barreeffama dhiyaateef keessatti fayyadaman kan mul'isudha.-----	54

Boqonnaa Tokko:Seensa

1.1. AriirrataQorannichaa

Ogummaan barreessuu kanneen afaanichatti afaan hiikkatanis ta'ee kanneen akka afaan lammaffatti itti fayyadamantti baay'ee kan cimuu ta'uurra darbee kan ogummaa kana sirriitti gonfatanis nama hunda akka hin taane ni dubbatama.Dhugumattuu barreeffama gaarii barreessuun ulfaataa,yeroofi shaakala kan barbaadu,barattoota kan dhiphisuufi abdiin kan nama kutachiisudha jechuun Richards / 1990/ ibseera. Qorattoonni barruu walfakkii keessatti ibsamanis ogummaan kana ilaalchisee barattoota sadarkaa tokkoffas ta'ee lammaffaa bira hanqinni akka jiru ibsaniiru.

Akka yaada hayyoota kanaatti ogummaan barreessuu ulfaataafi kan yeroo dheeraa fudhatudha. Kanaafuu qorattuun yaada hayyuu kanaa dhugummaasaafi kan qorannooshee deeggaru gootee argatteetti.

Ogummaa barreessuu gaariin galma ga'iinsa hojii keenyaafis ta'ee barnoota keenyaafi barreessaa gaarii ta'uufi ogummaa kana cimsachuun baay'ee barbaachisaadha. Ogummaa barreessuu qaama hundaaf barbaachisaa ta'e kana akka Mana Barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu maalirra jira yoo jenne maatiin barattootaa yeroo adda addaa akka rakkoo cimaatti ni dubbatu. Haata'u malee, maatiin barattootaa barattoota kana biratti hanqinni ga'umsaan barreessu Afaan Oromoo ni mul'ata jechuun komatu. Rakkoon seera barreeffama afaanichaa irratti yoo mul'ate immoo afaan kanaafis ta'e tajaajila afaan kun kennu irratti gufuu guddaa ta'uu danda'a. Bu'uuruma kanaan qorannoon kunis 'xiinxala dandeettii ga'umsaan barreessuu Afaan Oromoo haala barattoota Mana Barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu kutaa 8ffaa keessa jiran adda baasuun furmaata kaa'u irratti xiyyeeffata'.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Ogummaawwan gurguddoo afaanii keesaa tokko barreessuu dha. Barbaachisummaan ogummaa kanaas ammuma sadarkaan barnootaa dabalaa adeemu guddachaa adeemuun kan walgaafachiisu miti.Haata'u malee ,sadarkaa gadaanuttis barbaachidha. Barattoonni kutaa saddeetii sadarkaa kanattii dandeettii qubeessuurra darbuun dandeettii keeyyata barreessuu gonfachuu akka qabaatan Gedion2005(ORLA,112)wabeeffachuun akkas jechuun ibsiti,”

barattoonni sadarkaa jalqabaatti qubeedha hanga jechoota ijaaruutti,sadarkaa giddugaleessaatti keeyyata gaarii ijaaruufi sadarkaa Olaanaatti barruu dhedheeraa barreessuu akka qaban ni ibsa.Bu'uuruma kanaan qorattuun qorannoo kanaaf kan kakaase garaagarummaa barattoota gidu jiru adda baafachuu ,komee rakkoo ogummaa kanaa ilaalchisee yeroo adda addaa maatiifi koree GMB irraa ka'u xiyyeeffannoo keessa galchuun dhugummaasaa mirkaneeffachuuf yoo rakkinichi mul'ate maddasaa adda baafachuufi furmaata heeruuf gaaffilee bu'uuraan armaan gadii qopheeffattee qorannooshee gaggeessiteetti.

1.Barattoonni M/B J/Taaddasaa Birruu kutaa 8ffaa seera Barreeffama afaanichaa eegani barreessuurratti ga'umsi isanii maal fakkaata?

2.Hanqina yoo qabaate maddi isaa maalfaa ta'uu danda'a?

3.Ga'umsi qubeessuu barattoota Afaan Oromoofi Afaan Amaraan barachaa turan walmadaalaa?

4.Miidhaan qulqullinaan Barreessuu dhabuu maal faa ta'uu danda'a?

5.Tooftaawwan qulqullinaan barreessuu itti shaakalsiisnu isaan kami?

1.3. Kaayyowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Dandeettii Ga'umsaan Barreessuu Afaan Oromoo Barattota mana baarumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu kutaa 8ffaa keessa jiran xinxaluudha.

Kaayyoo Gooree qorannichaa immoo:-

1. Barattoonni Mana barumsaa Janaraal Taaddasa Birruu kutaa 8ffaa seera Barreeffama Afaan Oromoo eeganiibarreessuu irratti maalakka fakkaatan ibsuu.

2.Maddi hanqinichaa maalfaa akka ta'an adda baasuu.

3.Ga'umsi qubeessuu barattoonni Afaan Oromoofi Afaan Amaraan barachaa turan walbira qabuun ibsuu.

4.Miidhaan qulqullinaan barreessuu dhabuun dhufu maalfaa akka taa'an ibsuu.

5.Tooftaawwan barreessuu shaakalsiisuu maal maal akka taa'an eeruu.

1.4. Faayidaa Qorannichaa

Namni hedduun adeemsa barreessuu keessaatti seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii barreessuu dhiisuu danda’u. Adeemsi kun immoo, ittifayyadama afaanichaa keessatti miidhaa guddaa geessisuu ni danda’a, Fakkeenyaaf dubbistoonni yaada barreeffama tokkoo akka hin hubanne taasisa. (Glencoe 2001) Dogoggora kana kan uuman keessa irra caalaan hojjettoota waaj jiraalee, barreesitoota, barattoota, barreessitootafi k.k.f. ta’uu ni danda’u. Bu’uuruma kanaan qorannoon kunis, “Xiinxala Barreessuu Afaan Oromoo barattoota mana barumsaa Janaraal Taaddesaa Birruu kutaa 8ffaa” irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u barattoonni kunis Finfinneerraafi naannawaa Finfinneerraa kan dhufan waan taa’aniif, akkasumas, kanneen Afaan Amariffaatiin barachaa turan waan jiraniif seera barreessuu Afaan Oromoo eeganii barreessuu irratti rakkoo isaan qunnamuu danda’u irratti qorannoodhaan adda baasuun furmaata itti kennuu akka barbaachisu waan itti amanteef qorattuun mana barumsaa kanarratti qorannoon kun gaggeeffamee rakkoon kun furmaata akka argatuuf xiyyeeffannoo itti kenniteetti. Bu’uuruma kanaan qamooleen adda addaa bu’aa qorannoo kanaa irraa fayyadamoo ta’u. Isaanis:-

1. Barattoonni mana barumsichaa bu’aa qorannoo kanaa irraa kallattiin fayyadamoo ni ta’u. kunis rakkoo adda baheefi furmaata ka’ametti fayyadamuun ta’a.
2. Barsiisonni mana barumsichaas yeroo barattoota kana barsiisan bu’aa qorannoo kanaarra dhaabbatanii akka barsiisan waan gargaaruuf milkaa’ina hojii isaaniitiif baayyee barbaachisaa dha.
3. Namoota afaan kanatti fayyadamaniifi dogoggorri barreeffamaa kun akka maqu ykn akka sirra’u barbaadaniif qorannoon kun rakkoo jiru ibsuufi furmaata eeruun akka itti fayyadaman taasisa.
4. Namoota mata duree kanaan walitti dhufeenya qabu irratti qorannoo gaggeessaniif akka ka’umsaatti ni gargaara.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun osoo Barattoota Mana barumsaa Janaraal Taaddasa Birruu kutaa 1-9ffaahundarratti gosa barnootaa hundaan geggeeffame baay’ee gaarii ture. Haata’u malee, sababa baay’ina barattootaafi gabaabina yeroo irraa kan ka’e, Magaalaa Finfinnee kutaa

magaalaa Gullallee Aanaa 09 keessatti kan argamu mana barumsaa Afaan Oromoo sadarkaa 1ffa a Janaraal Taaddesaa Birruu barattoota kutaa 8ffaa irratti gosa barnoota Afaan Oromoo, ogummaa gurguddoo afaanii arfan keessaa ogummaa barreessuu qofarratti kan xiyyeeffatu yammuu ta'u, qabiyyee barnoota afaanii kan biroo kan of keessatti haammatu miti. Kan akka madda ragaatti hirmaatanus, barattoota kutaa 8ffaafi barsiisota daree kana barsiisan lamaan qofadha.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti akka hanqinaatti wanti ni mul'ata jedhamee yaadamu barattoota mana barumsaa Janaraal Taaddasa Birruukutaa 8ffaa baratan kanarratti hanqinni itti fayyadama dandeettiwwangurguddoo afraniifi xixiqqaa lamman irratti jiraachuu kan danda'u ta'ullee, qorannoon kun xiinxala dandeettii barreessuu qofa irratti xiyyeeffachuunsaa hanqina qorannichaati.

Boqonnaa Lama:Saakatta'a Barruu

2.1.Sakatta'a Barruu Yaadrimee

2.1.1 Maalummaa Dandeetti Barreessuu

Barreessuun ogummaa afaanii gurguddoo arfan keessaa isa tokko ta'uusaa hayyonni lafa kaa'u.Barreessuun dandeettii afaanii carraaqii namni godhuun kan baratamuudha.Barreessuu jechuun yaada sammuu keessatti uumame seera afaanii eeganii waraqaa irra kaa'uun nama dubbisuuf dabarsuudha.Barreessuun nama waan barreeffame dubbisuufi nama barreessu gidduutti walqunnamtii uumuu jechuudha.Brreessuun adeemsa sadarkaalee hedduu keessa darbuun (yaaduu irraa jalqabee hanga maxxansa isa dhumaa) bu'aa isa xumuraa irra gaha.Barattoonnis adeemsa kana keessa darbuun isaanii gahumsa dandeettii barreessuu isaanii cimsachaafi fooyyeeffachaa deemu (Brown,2003).

Barreessuun guddina afaan tokkootiif gumaacha olaanaa qabaachuurra darbee dhala namaatiif akka meeshaa quunnamtiitti ilaalama. Barreessuun kan dhalli namaa yaadasaa,ilaalchasaa,ergaa saa ittin dabarfatuufi qunnamtii hawaasa bal'aa wajjin ittiin adeemsisudha.Keessattuu,yeroo am ma saayinsiifi teknooloojiin dagaagaa jiru kana keessatti dhalli namaa olmaasaa barreessuu wajjin hidhata guddaa uumee jira.

Ogummaa barreessuu kana ilaalchisee hayyoonni kallattii lamaan hiiku.Kunis, hiika kallattiifi hiika oggummaati.Hiika kallattiikeessatti,'The Encyclopedia Britannica'n akkas jechuun hiika ''writing is a system of human visual communication using signals or symbols that are associated with conventional meaning or sound and are recorded on the surface of such substance as paper,ston ,clay or wood,''(1993:774) jedha.Haaluma walfakkaatuun.Geetaachoon(2007) Barreessuun ogummawwan afaanii isaan bu'uura (dhaggeeffachuu,dubbachuu,dubbisuufi barreessuu) keessaa isa tokko akka ta'eefi kan qubeewwan yookan mallattoolee uummanni waliigalerratti fayyadamuudhaanWaraqaa,dhagaa,sibilaafi k.k.f irratti qubeessuudhaan mala ergaa ittiin dabarsinu akka ta'e ibsa.

Gama ija ogummaatiin yammuu hiikanimmoo,barreessuun mallattoo uummanni waliigalanitti gargaaramuun waan tokkorratti katabuufi waliigaltee uumuu qofti ga'aa waan hintaaneef barreessuun sagaloota qindeessuun jecha uumuu, jecha qindeessuun gaalee uumuu,gaalee walitti

fiduun hima ijaaruufi himoota yaada tokko qabanimmoo keeyyata ittin ijaaruuf akkasumas yaanni barreeffamu qindaa'inaan ijaaruumu qaba. Kana jechuun namni waan tokko barreessu tokko callisetuma kan wantoota walitti guuru osoo hin taana, seera caasaa afanichaas beekuun dirqama. Yaada kana Byrne (1988:1) yommuu ibsu, 'As a rule, however, we do not write just one sentences or even a number of unrelated sentences.

We produce a sequence of sentences arranged in a particular order and linked together in certain ways,' jedha. Yaada kanarraa wanti hubachuu dandeenyu, dubbistoota keenyan walii galuu kanda ndeenyu, karaa qindoomina afaanii isa sirrii ta'e kanaan akka ta'eedha.

2.1.2 Amaloota Barreeffama Gaarii

Ergaa keenya sirritti dabarffachuufis ta'e dubbisaa keenya hawwachuuf amala barreeffama gaariitti fayyadamuun gaariidha. Kana ilaalchisee toorri intarneeti <https://www.writingforward.com> irraa akka ibsutti 'A general list of the characteristics of good writing clarity and focus organization, ideas and themes, voice, language or word choice grammar and styles, credibility or believability, and thought-provoking or emotionally inspiring' jedhuun tarreessa. Akka yaada kanaatti amaloonni barreeffama gaarii kan jedhamu iftoominaafi xiyyeeffannoo kan qabu, qindoomina gaariifi tokkummaa yaadaa, seera barreeffama afaanichaa kan eeggate, jechoota filatamoodhaan kan barreeffame, dhugummaa yaadaa, dubbistoota biratti fudhatamummaafi amanamummaa kan qabuufi hawwataa kan ta'e ta'uusaa ni ibsa.

Ogummaawaan afaanii adda addaa bahanii hin barsiifamaniyyuu malee, amaloota adda ta'an ni qabu. Akka Byrne (1988) amaloota barreessuufi dubbachuu waldorgomsistee ibsiteetti. Dandeettii barreessuu kan adda taasisan ni jiru. Isaanis, hima barreeffama keessatti mul'atan, hubannoofi xiyyeeffannoo haala ifa ta'een akka ergaa dabarsuu danda'utti qidaa'anii dhihaachuu qabu. Kan kun ta'uu danda'us, barreessaafi dubbisaan walbira waan hin jirreef yoo yaanni barreessaa ifaa hin taane, dubbisaan hubachuu hin danda'u. Akkasumas, barreessaan sirna tuqaalee, qubguddeessaa, jechoota waalta'iinsaafi xiyyeeffannoo agarsiisanitti gargaaramuun yaada isaa ifa gochuun barbaachisaa akka ta'e addeessitee jirti. Baarreessuun hojii sammuu waan ta'eef, baay'ee walxaxaafi ulfaataadha. Kunis kan ta'e karaan barreessaan yeroo tokkotti wantoota hedduu itti fayyadamuufi to'achuun agarsiisuudha. Dhimma kanarratti Misgaanuun, (2011:59) Itaaloo, (1999:19) wabeeffachuun, 'Dandeettiin barreessuu hojii sammuu haala malee walxaxaa waan ta'eef, barreessaan altokko wantoota hedduutti fayyadamuufi to'achuun

agarsiisuudha” jedhee ibsa. Yaada armaan oliirraa kan hubannu, barreessan tokko yommuu barreeffamicha keessatti to’annaa qabiyyee, unka/ qubeessuu, caasaa himaa, jechoota filachuu, sirna tuqaaleefi qindoomina himaa tasisaa kan barreessu ta’uusaati. Karaa biroon, Nunan,(1991), “barreessuun kan ulfaatuuf namoota baay’een qulqullina barreeffamaatiif kan dhiphaman waan ta’eef ta’uu ibsiti”. Richards(1990:21) yoo ibsu, Danddeettiin barreessuu afaan dhalootaanis ta’ee afaan Lammaffaan barachuun hojii cimaa barattoota kutaa keessatti mudatan keessaa isa duraati jechuun dandeettiinwan afaanii keessaa barattootatti kan ulfaatu ta’uusaa dubbata. Amaloota barreeffama gaarii sirriitti hubachuuf, yaada garaagaraa hayyonni eeran armaan gaditti kaa’amee jira. Diyanifi Pat(1998) amaloota barreeffama gaarii ilaalchisee yoo ibsu barruun tokko barreeffama gaariidha; jedhamuuf amaloota afur jiraachuun dirqama ta’uusaati. Isaanis, Tokkummaa, walta’iinsa, xiyyeeffannoofi guutummaadha.

2.1.2.1. Tokkummaa

Keeyyanni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, yaanni himoota keeyyatichaa keessatti dhihaatan hundinuu yaada ijoo keeyyatichaa waliin walqabataniidha. Haaluma walfakkaatuun, barruun barreeffame tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, yoo keeyyanni barreeffamichaa keessatti dhihaatan hundinuu yaada ijoo barreeffamichaa waliin walqabataniidha. Barruun tokkummaa qabu, barreeffama yaadni ijoon isaa ifa ta’ee dhihaatedha. Himni ijoon kunis, akkuma keeyyata keessaatti bakka garaagaraatti galuu danda’u barruu guutuu keessattillee bakka garaagaraatti galuu danda’a. Barruun tokkummaa qabu dubbistoota hin rakkisu. Dubbistoonni barreeffama tokkummaa qabu yoo dubbisan, haaluma salphaa ta’een hubatu. Kana jechuun salphaatti keeyyata tokkorraa gara keeyyata biraatti akka ce’an isaan taasisa. Barruun tokkummaa hin qabne garuu dubbisuudhaaf nama rakkisa; kanamalees, dubbistoonni kaayyoo barreeffamichaa hubachuu akka hin dandeenye taasisa. Crimmon (1963).

2.1.2.2. Walta’iinsa

Barruun tokko barreeffama gaarii jedhamuuf, ulaagaa inni guuttachuu qabu keessaa kan biroo walta’iinsadha. Walta’iinsa qabaachuun keeyyata tokkoo kan beekamu, himni gargaartuun hima ijoo keeyyata tokkoo yoo ibsan. Haaluma walfakkaatuun, keeyyanni haala armaan oliitiin qindaa’e walduraa duuba isaanii eeganii yoo dhihaataniidha. Broadmanfi Frynberg(2008). Barruu tokko akkaataa dubbistoonni yaada isaanii hubachuu danda’aniin qindaa’uu qaba. Kunis

yaadonni barreeffama keessatti dhihaatan walta'iinsa kan qabaniifi haala nama amansiisuun duraaduuba isaanii eegani qindaa'uu qabu. Diyanifi Pat(1998), Yaada armaan olii yoo cimsu barreeffamni akkaataa nama amansiisuun qindaa'e, barruu walta'iinsa qabu ta'uusaati. Akkasumas, barreeffamni haala gaariin hin qindeeffamne immoo, dubbistoonni ergaa isaa salphaatti akka hin hubanne taasisa.

2.1.2.3. Xiyyeeffannoo

Xiyyeeffannoon, barruu tokko barreeffama gaariidha kan jechisiisan keessaa isa tokkodha. Keyyanni tokko xiyyeeffannaa qaba yommuu jedhamu, qulqullina sirna tuqaaleefi filannoo jechootaan kan walqabatu himoonni callaan hima ijoo keeyyatichaa ibsuuf yoo tarreeffameefi akkaataa walduraaduuba barbaachisummaa isaaniitiin sirriitti yoo tarreeffamaniidha. Haaluma keeyyanni ibsameen barruun xiyyeeffannoo qabu tokko keeyyattoonni yaada barreeffamichaa walduraa duuba barbaachisummaa ibsuuf yoo tarreeffamaniidha. Kellyfi Lawton(2006).

2.1.2.4. Guutummaa

Guutummaan barruu tokkoof barbaachisaadha. Barruun guutummaa qabu kan beekamu, ergaa yookiin yaanni barreeffamichi dabarsu dubbisaaf sirriitti akka hubatamu yoo ta'eedha. Kellyfi Lawton(2006) guutummaa barreeffamaa yoo ibsu, jechoonniifi himoonni keeyyata, keeyyataafi keeyyattoonni barbaachisoo hin taane, akkasumas, hiika isaanii ifa hin taane keeyyaticha keessatti yookiin barreeffamicha keessa yoo hin jirreedha. Walumaagalatti, keeyyanni yookaan barreeffamni tokko gaariidha; kan jedhamu, ulaagalee armaan olitti ibsamuu yaalaman yoo of keessatti qabaatedha.

2.1.3. Barreessuun Maaliif Dandeettii Rakkisaafi Xaxamaa jedhame?

Hayyoonni hedduun akka barreessuun ogummaa ulfaataa ta'eetti lafa kaa'u... Sabanisaas yeroo dubbii afaanii dubbataanis ta'ee, dhaggeffataan waan walbira jirruuf baakka waliigalteen dhabametti carraan walsirreessaa adeemuu ni jiraata. Haata'u malee barreessuu keessatti dubbisaafi barreessaan waan walbira hinjirreef gaafatanii hubachuun rakkisaadha yoo kana ta'emmoo ergaan keenyaaf kaaayyoon nuti barreessineef osoo galma hin ga'in hafa. Akkasumas dandeettii barreessuu wantoota ulfaataa taasisan Byrne(1988:4) irraa,

We can now begin to understand why writing is difficult activity for most people, both in the mother tongue in foreign language. We shall look at the problems which are caused by writing under three headings- psychological, linguistic and cognitive-although these inevitably overlap to some extent.

Akka yaada hayyuu kanaa irraa hubannutti barreessuu wantooti ulfaataafi xaxamaa taasisan xiinsammuu, xiinqoqaafi yaadsammuu gargaramnee barreessuu keenya akka ta'e ibsiteetti.

2.1.3.1 Rakkoo xiinsammuu

Hayyuun Byrne(1988) rakkoo kana yeroo ibsiti dubbii afaaniifi barreeffamaa walbiraqabuun rakkoon xiinsammuu dandeettii barreessuu irratti ulfaataa akka ta'e ibsiteetti.

Speech is the natural and normal medium of communication for us in most circumstances and we are accustomed as both to having someone physically present when we use language and to getting feedback some kind. Writing on the other hand, is essentially a solitary activity and the fact that we are required to write on our own without the possibility of interaction or the benefit of feedback, in itself makes the act of writing difficult.

Akka yaada kana irraa hubannutti dubbiin afaanii kan yeroo hedduu walqunnamuun itti gargaaramnudha Yeroo kana dubbataanis ta'e dhaggeeffataan qaamaan walbiratti argamanii yaada walii dhaggeeffachuun wal sirreessaa adeemuun ni danda'ama. Barreessuun garuu gochi sirriitti xiyyeeffannoo barbaaduufi qunnamtii nama biroofi yaaddeebii tokko malee ofii keenyaa qofaa teenyee waan barreessinuuf dandeettii barreessuu ulfaataa ta'uu danda'a.

2.1.3.2 Rakkoo yaadsammuu

Rakkoo yaadsammuu kana ilaalchisee Byrne(1988:4-5) barreessuu ulfaataa kan taasisan keessaa tokko rakkoo yaadsammuu akka ta'e ni ibsiti.

We grow up learning to speak and in normal circumstances spend much of our time doing it.

We also appear to speak without much conscious effort or thought and generally we talk because

we want to about matters which are of interest or relevant to us socially or professionally. Writing

on the other hand, is learned through a process of instruction. We have to master the written form of the language and to learn certain structures which are less used in speech.

Yaada kanarraa kan hubannu, daa'imman ijjoolummaa isaaniitii kaasani haala dubbii afaanii barachaa guddatu. Kanaaf, yeroo dubbii afaanii taasisan haaluma baranitti xiyyeeffannoo malee dubbachuu danda'u. Barreessuun garuu mana barumsaatti haala barnoota idileetiin kan baratamuufi unki barreeffama isaas sirriitti barreeffamuufi to'atamuu qaba. Akkasumas akkaataa yaada tokko qindeessinu baratamuu qaba. Kun immoo haala dubbisaaf ifaa ta'uun barreessuudha. Yammuu kana jennu barreessuun beekumsa qabiyyee barreeffamuufi qindoomina yaadaa waan barbaaduuf hanqinni beekumsi qabiyyee rakkoo barreessuuf sababa akka ta'e hayyuun kun ibsiteetti.

2.1.3.3 Rakkoo xiinqooqaa

Adeemsi waliigaltee dubbii afaaniitiin taasisamu kan qunnamtii itti fufiinsa qabuufi hirmaattonni yookiin dhaggeeffattoonillee haala waliigaltee irratti gargaarsa gumaachanidha. Kana yammuu jennu dubbataan yoo dogoggora dhaggeeffattoota isaa ilaalee sagalee olkaasuun, gadbuusuun irradeebi'uufi kkf gargaaramee ergaa isaa sirriitti dabarfata. Barreessuu keessatti garuu amaloota kana gargaaramuu waan hin danda'amneef haala amaloota dubbii bakka bu'aniin dogoggora osoo hin uumiin ergaa keenya dabarfachuu akka dandeenyu agarsiisa. Kunis barreessaan dubbisaa kallattiin waan hin agarreef barreeffama isaa keessatti qubee sirrii ta'e, jechoota barbaachisoo, himoota qinda'aniifi ifa ta'anitti gargaramuu akkasumas sirna tuqaalee adda addaa bakka barbaachisaa ta'etti gargaaramuun haala walta'iinsa qabuun qindeessee ka'uun barreessaa irraa eegama. Kun immoo hojii yeroofi yaada bal'aa barbaadudha (Byrne 1888).

2.1.4. Maalummaa Doggogoggoran Barreessuu

Afaan tajaajila gurguddaa ilmaan namaatiif kennu keessaa tokko qunnamtiidha. Kana jechuun, kan namni yaada isaa waljijjiiruufi ergaa isaa dabarfatu afaaniini jechuudha. karaa afaan ittin tajaajila kana kennu immoo, karaa afaan dubbii fi barreeffamaati. Isaanis haala kana keessaatti tajaajila guutuu akka hin kennine kan taasisan keessaa tokko dogoggora. Dogoggorri kun immoo bifa garaagaraan mul'ata. Isaan keessaa tokko barreeffama keessaatti kan mul'atu yoo ta'u qubeessuu, tuqeessuufi hiika irratti ta'uu danda'a. Norrish 1983, Brown 1994. Karaa biraatiin

dogoggora akka waliigalatti xinqoqa waliin walqabsiisne yoo ilaallu yookiin hiikne hir'inna jecha irratti, haala dubbiirraattiifi kkf kan hammatudha.jedhu.

2.1.5 Wantoota Dogoggoraan Barreessuuf nama saaxilan

Dogoggorri barreessus ta'e qubeessuu, wantoota adda addaarraa dhufuu ni danda'a. Isaan keessaa tokko dhiibbaa beekumsa caasaa afaan bi'roo yookiin afaan dura beeknuu akka ta'e Beekan(2015) ibseera. Yeroo kana jennu, beekumsa seera afaan dura beeknu sana afaan isa booda barre keessaa fiduun itti fayyadamuuf yaaluudha.Fakkeenyaaf namni Afaan Oromoo barreessuu danda'uu tokko seera Afaan Oromootti fayyadamee Ingiliffa barreessuuf yaalii gochuu danda'a. Kun immoo sirrii miti.Sababni isaa caasaan barreeffama afaan oromoofi afaan Ingiliffaa tokko waan hin taaneef. Akkasumas haala sagaleessuu irraa kan dhufu loqoda kaka'umsa haala hawaasa naannoo ta'udha(Norrish 1983).

Maddi dogoggoraa inni biroon xiyyeeffannoo kennuu dhabuu (carelessness) dha. Namni tokko xiyyeeffannoomalee ykn dhiba'ummaan dhimma tokko ni barreessa taanaan, seera adeemsaafi beekumsa fayyadama barreessuu sana dagachuun ykn hojjiirra osoo hin oolchiin barreessuu danda'a. Yeroo kana dogoggora hedduu uuma. Fakkeenyaaf namni tokko waa'ee abbaa manaa obboleetti ibsuuf barbaadee hima armaan gadii ibsuu danda'a.'sodaa kee dhufe' yoo jedhe kun maal nadhibdeen barreessuun ergaa dabarsuuf ka'e dhiisee hiika biraa godhata. Kan kana ta'ees sababa dogoggoraan qubeen[d] irraa hir'achuun kan ka'edha. Kun kan agarsiisu Afaan Oromoo keessatti seerri barreessuu ykn qubeessuu haala xiyyeeffannoo qabuun ilaalamuu akka qabu nuhubachiisa.

Akkasumas dogoggoraan sagaleessuu ykn dubbisuufi ijaafi gurra keenya fayyadamnee waan qubeessame sana gargar baasaa deemuu dhiisuudha.Fergus (1983:3) "we have poor study habit and we are careless we miss pronouns, words we fail to enunciate.Clearly,we donot use our eyes and ears to discriminate.we may add or omit syllables" kana malees qubee ykn birsaga itti dabaluu ykn irraa hiri'suun dogoggora barreessuu kanaaf madda akka ta'an ka'a. Qabxiileen ka'an kunneen Afaan Oromoo keessaatti yoo ilaalaman iddoo guddaa qabaachuu danda'u.Sababni isaa Afaan Oromoo keessatti qubee tokko itti dabaluu ykn irraa hir'isuun hiika jecha sanaa jijjiiruu,kallattii tajaajilaa jijjiiruu ykn hiika dhabamsiisuu danda'a. Afaan Oromoo keessaatti

sagaleen tokko qubeema tokko bakka bu'a. Kun immoo afaanichaaf baayyee barbaachisaa dha. Akkasums Afaan Oromooratti beekumsa dhabuu ta'uu danda'a. Kana malees afaan keessatti dogoggorri karaa adda addaattiin jechoota irratti, dhamjeharrattifi hanga asbarrutti ni mul'ata (Brown 1994). Gama jechaafi dhamjehaa yoo fudhannu dogoggora achitti mul'atu keessaa tokko kan qubeessuuti. Haayyonni tokko tokkoos akkuma xiyyeeffannoo isaanitti wantoota dogoggoraan barreessuuf nama saaxilan bakka adda addaatti qoodan jiru. Fakkeenyaaf seera qubeessuu eeguu dhisuu, maxxantoota seeraan fayyadamuu dhabuu, jechoota seera dhaabbataa qaban adda baasuu dhabuu akka ta'e ni dubbatama (Glencoe, 2001). Akkaataa gosaan dogoggora mul'atu qooduu kana Brown (1994) yoo ka'u "The most generalized break down can be made by identifying errors of addition, omission, substitution and ordering" jedha. Yadi waraabame kun yoo ilaalamu akaakuun dogoggoraa itti dabaluu, keessaa hanbisuu, bakkabuusuufi tartiiba dogoggoraa akka ta'e ka'a. Yaada kana gara haala qubeessuu Afaan Oromooti finnee yoo ilaallu itti dabaluu kan jedhu isa dhamsaga gabaabbachuu malu dhe eressuu, isa laafuu malu jabeessuu kan jedhu of jalatti hammata. Akkasumas, keessaa hanbisuu kan jedhu immoo isa Afaan Oromoo keessatti kan dheerachuu maluu gabaabsuu, isa jabaachuu malu immoo laaffisuu kan jedhu hammata. Dabalees bakkabuusuu kan jedhu kan dhamsagoonni haala dogoggora ta'een jechi yeroo barreeffamu bakka wal bu'uu agarsiisa.

Gama biraatiin dubbifamaan gosti garaagaraa jecha barreessuu keessatti yeroo walitti aanee dhufutu mul'ata (Guutaa 1989). Haalli kun Afaan Oromoo keessatti irrabutaan kan jedhu waliin walqabata. Kanuma waliin walqabatee dogoggorri uumamu dogoggora qubeessu irrabutaan walqabatu ta'a. Yaadota armaan olii irraa kan hubatamu haalli dogoggora qubeessuu ka'uun xiyyeeffannoo garaagaraafi qoqodiinsa garaagaraa akka qabu dha. Dabalees, akkaataa amala afaan isaanittis gargar ta'uu mala. Qorannoo kana keessattis, akkaataa seera barreeffama Afaan Oromooti kan qoqqodamee ta'e dha.

2.1.6. Miidhaa Dogoggoran Barreessuun dhufu

Barreeffama keessatti seera afaanichaa eegnee xiyyeeffanno itti kenninee hin barreessinu taanaan miidhaa guddaa fiduu danda'a. Miidhaa dogoggora barreessuun dhufu kanas yoo ilaallu ergaa keenya dabarfachuu barbaannu osoo hin dabarfatiin hafna. Keessumattuu akkaataa seera barreeffama Afaan Oromotti rakkaoo hammataa dha. Sababni isaa sagalee ykn dhamsaga tokko ittidadaluus ta'e hir'isuun hiika guutummaa guututti jijjiiruu danda'a. Kanaafuu dogoggorri

barreessuu haala dubbisa nama tokkoo qofaa kan jijjiiru osoo kan hin taane ergaa barreeffama guutuu isaa jijjiiruu danda'a. (Hodga,2009).Karaa biraatiin hawaasummaa irrattis miidhaa guddaa qaba.Kunis namni tokko barreeffama isaa keessatti dogoggora ni mul'isa yoo ta'e namoonni barreeffamicha sana dubbisu akka waan barreessaan barnoota hin qabneefi dadhabaa ta'eetti fudhata. Yaada kana McCrimmon (1963:491) yoo ibsu," It's easier to judge as man's spelling than most other things about him and whether rightly or not,people do jump to conclusions about aperson's education and intelligence on the evidence of his spelling,"jedha. Yaadi kun namoonni barreeffama nama tokkoo ilaaluun waa'ee barnoota isaa,dandeettii isaafi kkf gadi buusuuf murteessuu isaanii ibsa. Kun immoo hawaasa biratti akka fudhatama hin qabne agarsiisa.

Miidhaan dogoggora barreessuu inni biraan namoonni hojii arggachuuf xalayaa iyyannoo waajjira yookiin qaama isaan qaxaruu barbaade sanaaf dhiyeessu. Dogoggorri barreessuu ykn qubeessuu keessa jiraannaan garuu carraa qacaramuu dhabuu danda'u.Inni hojii irra jirus qabata kanaan guddina itti aanutti darbuu dhiisuu danda'a. Inni guddaan iddoo hundatti walfakkaatu immoo barreessaafi dubbisaan waal qunnamuu dadhabuu isaaniti (Fergus 1983).Kana jechuun immoo yeroo ittin guddinni hawaasummaa,saayinsiifi tekinooolojii dagaagaa jirutti rakkoon kun itti fufiinsaan jiraachuun miidhaa qofa osoo hin taane hawaasa abbaa afaan sanaafis ta'ee afaanichaaf balaa guddaa ta'uu isaa ragaalee armaan olitti ibsaman irraa argachuun ni danda'ama.

Walumaagalatti dogoggora barreessuun jiruufi jireenya hawaasaa keessatti,gama guddina afaanichaanis ta'ee tajaajila afaanichaa irratti rakkoo guddaa fida. Kunis ergaa darbuu male tokko danquu ykn hiika dhabsiisu danda'a. Kun immoo gad qabamee yoo ilaalame gama guddina afaanichaanis ta'e tajaajila inni kennu irratti miidhaa qaba.Akkasumas hawaasni nama dogoggora barreessuu qabu sana akka nama barnootaafi dandeetti hin qabnetti fudhachuufi barreeffamichis akka waan fudhatama hin qabnetti fudhachuu danda'a.Kun immoo yaada barreeffamichaafi namachi fudhatamuu dhabsiisuu irra darbee faayidaa afanicha irraa argamu ni hir'sa jechuudha.Akkasumas gama barreeffamaan hawaasni afaan isaa sanaan tajaajilamuufi faayidaa irraa argachuu irratti mamii akka qabaatu taasisuu danda'a.

2.1.7. Tooftaalee Barreessuu/Qubeessuu/ itti shakalsiisan

Barattoonni dandeetti barreessuu isaanii akka gabbifataniif yeroo hunda akka shakalan taasisuun barbaachisaa dha. Adeemsi kunis jechoota haala sirriin sagaleessuun akka sirritti qubeessan shaak alsii.

Sirreessanii dubbissuun sirreessanii qubeessuuf iddoo guddaa qaba. Sabaabnisaa, Afaan Oromoo k eessatti sagaleen ba'uufi qubeen barreeffamu walqixa waan ta'eef sagalee dubbifamu sana hordo fuun akka qubeessan shaakalsiisuu. Kanaafuu, jechi tokko yeroo barreeffamu sirreessanii dubbisuun akka barattoonni sagalee sana hordofanii barreessan shaakalsiisuun murteessaadha.

Akkasumas, namni tokko sammuusaa keessatti ilaalaa barreessuun qubeewwan tartiiba hanga barbaachisu kaa'uuf gargaarsa taasiisa. Inni biroon xiyyeeffannoo itti kennuun yookiin of eeggannoon barreessuu akka qaban irra deddeebiin shaakalsiisuu. Seera jechoonni barreeffaman sirritti barsiisuufi akka ittin hojjetan shaakalsiisuu baay'ee murteessaa dha. Akkasumas, jechoota yeroo baay'ee dogoggoran addatti baasanii akkasaan shaakalan gargaaruu. Walumaagalatti barattoota keenya tooftaa adda addaatti fayyadamnee dogoggora qubeessuu akkasaan fooyyeffatan shaakalsiisuun murteessaa dha.

Barreessuu tooftaa adda addaatti gargaaramuun barattoota shakalsiisuun nidanda'ama. Barsiisoni barnoota kennan irratti hundaa'uun qabiyyee barnootichaa hubachuu barattootaa mirkaneeffachu uf tooftaa mijataa ta'een barattoota isaanii shakalsiisuu qabu. Yaada kana waliin kan walqabsiisuun beektoonni hedduun tooftaalee shakalsiisuu barreessuu dandeetti irratti yaada kennanii jiru. Atkins et. al. (1996), tooftaalee waliigalaa iyyaafannaa dandeettii barreessuu akka armaan gadii kanatti ibsuuf yaalanii jiru. Kunneenis:

I. Iddoo duwwaa guutuu

VII. Himoota yookiin dubbisa jijjiiruu

II. Qomaan barreessuu

VIII. Yaada ijoo irra deebi'uun barreessuu

III. Qormaata barreeffama banaa

IX. Tooftaa filannoo

IV. Odeeffannoof deebii kennuu

X. Poortifoliyoo barataa madaaluu

V. Gochaalee odeeffannoo waliidabarsuu

XI. Gochaalee ijaarsa keeyyataa

VI. Gochaalee fakkiin muul'isan fayyadamuu

XII. Gochaalee sadarkeessuu

2.1.8 . Fayyadama Dogoggora Qubeessuu/Qubee

Fayyadama dogoggora qubeessuu kan jennu barattootis ta'e qaamni ergaa isaa barreeffamaan ibsataa yoo seera qubeessuu afaanichaa eegee barreessuu yoo dadhabe dha. Kanneen dogoggora qubeessuu jalatti hammatan kunis qubee guddaafi xiqqaa iddoo malee fayyadamuu dubbachistota iddoo malee dheeressuun yka gabaabsuu, dubbifamaan bakka jabaachuu hin qabnetti jabeessuu bakka jabaachuu qabuutti immoo laffisuu, irra butaa iddoo maleetti fayyadamuufi kkf akka ta'e Beekan 2012 ni ibsa.

2.1.8.1, Fayyadama Dogoggora Jabinaafi Lafina Qubeessuu

Afaan kamiyyuu seera barreeffamaa mataasaa qaba. Haluma kanaan caasaa ijaarama jecha afaan oromoo keessattis dubbifamaan walfakkaatu jalqabaafi dhumarratti hinjabaatu yookiin lamaafi isaa ol ta'ee akka hinbarreffamne Addunyaa(2010:72) ibseera. Kanaafuu caasaa afaanichaa eegnee itti fayyadamuu bannaan kunis rakkina cimaa ta'uunsaa beekamaadha.

2.1.8.2. Dheerinaafi Gababina Qubeessuu

Hanqina fayyadama afaanii/barreeffama/ keessa tokko kan ta'e dogoggoraan dubbachiisuu dheeressuufi gabaabsuudha. kun immoo keessumattuu caasaa barreeffama afaan oromoo keessaa rakkoo ammaataadha. Sababnisaa, ergaa keenya gutumaan guutuuttii jijjiruu waan danda'uufidha.

2.1.8.3. Dogoggora Fayyadama Qubguddeessaa

Dogoggorri fayyadama qubguddeessa Barataa birattis ta'ee, kanneen barreeffama afaan Oromootti fayyadaman hedduu biratti ni mul'ata. Qubguddeessi barreeffama keessatti maaliif akka fayyadu Fedhaafi Abarraan (1996:93) yoo ibsan qubee guddaan eessatti akka tajaajilu beekuun barbaachisaa ta'ullee, namoonni tokko tokko haaluma isaanitti fakkaateen barreessaa akkajiraniif xiyyeeffannoo akka itti hinkennine ibsu. Hata'u malee rakkoon akkasii kun yoo kan itti fufu ta'e dubbisaa biratti fudhatama nudhabsiisuurra darbee, seera caasaa afaanichaarratti balaa gudda qaba. Kanaafuu xiyyeeffannoo itti kennanii barreessuun baay'ee barbaachisaadha.

2.1.8.4.Dogoggora Fayyadama Sirna Tuqaalee

Barreeffamni keenya qulqullinaafi ergaa guutuu ta'e akkaqabaatuuf barreeffaamicha keessatti sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuu yookiin gargaaramuu qabna. Barreeffamni tokko maaliif akka tajaajiluufi hiika akkamii akka qabu sirritti ifatti kan mul' tuufi ergaa guutuu kan dabrsu,yoo sirna tuqaalee seeraan bakka galuuqabanitti galchuun itti fayyadamne qofadha. Akka barreeffamni keenya ergaa guutuu dabarsaniif sirni tuqaalee nuti fayyadamnus,tuqaa(.), mallattoo gaaffii(?),Rajiffannoo(!),Qoodduu(,)fi k.k.f bakka barbaachisaa ta'etti fayyadamuu akka qabnu ibsu.Ta'uu bannaan ergaan dabarsachuu barbaannuu siriti akka nudarbne dhiibbuumu danda'aa .Walumaagalatti barreeffamni ergaa sirrii ta'e tokko dabarsuuf sirna tuqaalee sirriitti hima keessaatti galchuun itti fayyadamuun akka barreeffamni keenya ergaa guutuu qabaatuuf gargaara.

2.1.8.5.Dhamjechoota Hirkataa Akka Ofdana'oottii Fayyadamuu.

Dhamjechoonni ulaagaa hiikaa caasaafi xiinsagaa waan higuunneef kophaa dhaabbatani barreeffamuu akka hindandeenye Beekan(1998:335)wabeeffachuun ibseera.Fakkeenyaaf walqabsiistuun 'fi'ulaagaalee ibsamanirratti hundaa'uunkophaa dhaabbachuun sirrii waan hintaaneef,jecha duubaan jirutti maxanee barreeffamuu akka qabu(Beekan 2012) ibseera.

2.1.9.Hojiiwwan Qorannoo kanaan walitti dhiyaatan

Barruu walfakkii yookiin hojiiwwan asiin dura mataduree qorannoo keenyaan qorannoo walitti dhiyaatan sakatta'uun baay'ee barbaachisaa akka ta'e hayyoonni adda addaa nidubbatu. Kana ilaalchisee Dastaan (2013:88) akka jedhutti “ waraqaalee eebbaaf yeroo adda addaattidhihaatanii turan walitti dhufeenyaafi garaagarummaa waraqaa kanaa wajjiiniin qaban ballinaan ilaalamu qaba” jechuun ibseera.

2.2.Sakatta'a Barruu walfakkii

Barruun walfakkii yookiin hojiiwwan asiin dura mataduree qorannoo keenyaan qorannoon walitti dhiyaatan sakatta'uun baay'ee barbaachisaa akka ta'e hayyoonni adda addaa nidubbatu.Kana ilaalchisee Dastaan(2013:88) akka jedhutt “ waraqaalee eebbaaf yeroo adda addaatti...dhihaatanii

turan walitti dhufeenyaafi garaagarummaa waraqaa kanaa wajjiiniin qaban ballinaan ilaalamu qaba” jechuun barbaachisummaa barruu walfakkii ibsu. Bu'uuruma kanaan qorannoon Afaan

Oromoorrattidhimma kana ilaalchisee geggeeffame baay'een jiraachuu baatullee,muraasni sakatta'amaniiru.

Amsaaluu Admaasuun bara 2008 mata duree,Xiinxala Rakkoolee Dandeetti Afaan Oromootiin Barreessuu Barsiisotaa; Mana Barumsaa sadarkaa 1ffaa Marsaa Duraa Aanaa Ammayyaa irratti kan xiyyeeffate dha. Kaayyoon qorannoo Amsaaluu,Rakkoolee Afaan Oromootiin barreessuu barsiisota mana barumsaa Ammayyaa sadarkaa 1ffaa marsaa duraafi Gilimer Of Hope sadarkaa 1ffaa marsaa duraa barsiisan keessatti mlu'atan xiinxaluun furmaata kaa'u yammuu ta'uu.Qorannoon inni kun garuu Mata Duree'' xiinxala dogoggora barreessuu Afaan Oromoo Mana Barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu kutaa 8ffaa'' kan jedhu yammuu ta'u,kaayyoon isaas dogoggora barreessuu Afaan Oromoo Mana Barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu adda baasuufi furmaata kennuudha.Kanaafuu kaayyoon qorannoowwan kanneeni walhin fakkaatu jechuudha. Akkasumas bakki isaan irratti hojjetamanis adda adda waan ta'eef walhin fakkaatu jechuudha.

Akkasumas Toleeraa Tasammaa bara 2008 Mata Duree Ogummaa Barreessuu Gabbifachuu Keessaatti Rakkoolee Barattoota kutaa 9ffaa Mudatan Adda Baasuu;Haala Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Garba Gurraachaa jedhurratti kan gaggeesse yammuu ta'u,inni kun immoo adda baasuun furmaata itti kennuu waan ta'eef kaayyoon jaraas ta'ee , iddoo qorannoowwan kunneen itti gaggeeffamu garaa garaa waanta'eef walhin fakkaatu jechuudha.

Qorannoon inni biraa qorannoo Abdussalaam Abbaa Oliitiin bara 2013 Mata Duree Dandeettii Baruu Guutuu Barreessuu Barattoota Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu;Haala Yuunivarsiitiin Wallaggaa keessaatti. Kan jedhu yoo ta'u,kaayyoonsaas barattoonni Yuunivarsiitii Wallaggaa waggaa tokkoffaa Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu,barruu guutuu barreessuurratti qaban xiinxaluudha. Kanaafuu kaayyoon qorannoo kanaafi iddoo qorannoon kun ittigaggeeffamu lamaanuu tokko miti.

Inni biraa qorannoo Sisaay Siyyum bara 2008 Mataduree,Xiinxala wantoota dandeetti barreessuu barattoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa irratti sababa ta'an yammuu ta'u kaayyoon isaas xiinxala wantoota dandeettii barreessuu barattootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa irratti dhiibbaa fidan adda baasuun qaaccessuudha. Kan qorannoo kanaa garuu xiinxala dogoggora barreessuu Afaan Oromoo Mana Barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu adda baasuun furmaata itti kennuu dha.kanaaf kaayyoonisaanis ta'ee bakkaafi qaamni irratti gaggeeffamu adda adda isaan taasisa jechuudha.

Boqonnaa Sadii:Saxaxa Qorannichaafi Malleen Qorannichaa.

3.1.Saxaxa qorannichaa

Qorannoon kun barattoota mana barumsaa Jeneraal Taaddesaa Birruu kutaa 8ffaa irratti kan gaggeeffamu yemmuu ta'u, rakkoon ragaaleedhaan funanaman ibsa akkamtaafi ammamtaatiin ibsamuun ademsifame. Kanaaf saxaxinni qorannoo kanaas saxaxa ibsaati. Haaluma kanaatiin ragaaleen funaanamaniifi qacceffaman ibsuun hiikni itti kennamera. Bu'uuruma kanaan qorattuu n qorannoo kana mala makoo ykn mala ammamtaafi akkamtaatti fayyadamuun gaggeessitetti. Sababni isaa mala makootti fayyadamuun mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakinichi gadi fageenyaan akka hubatamuuf gargaara(creswel 2009) . Akkasumas ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuuf qaaccessuuf gumaacha olaanaa qaba. Kana malees ,mala makaa fayyadamuun hanqina mala tokkoo malli biro hanbisuu waandanda'uuf dha . Qorannoo kana keessatti akkaataan itti fayyadama isaas mala ammamtaa fayyadamuu keessaatti ragaaleen bifa qormaataan funaanaman akka sirritti ifa ta'uufi dogoggora barreessuu ykn barreeffamaan mul'atu gosaan qoodamee dhibbaantaan ka'ame. Isaan booda ibsi itti kennamera. Mala akkamtaa keessatti immoo ragaalee barsiisota irraa afgaaffii fudhataman qaaccesuun ibsamera.Kanaafuu qorannoo kana keessattis ra kkoo jiru bifa gadfageenya qabuun qorachuuf mala kanatti fayyadamteetti.Mata dureen qoranni chaaf haala qabatamaan qorannichi keessatti gaggeeffameef mijataa dha.

3.2 Madda Ragaalee Qorannichaa

Bu'aa qabeessummaa qorannoo tokkoof odeeffannoo kallattiifi alkallattiitiin argachuun murteessaa dha. Kanaafuu, qorattuun kun hojii qorannoo kanaa odeeffannoo sirrii ta'een tumsuufi bu'aa qabeessa taasisuuf akka madda odeeffannootti kan dhimma itti baate madda ragaa lffaafi lammaffaadha.Isaanis, barattoota kutaa 8ffaa mana barumsaa J/Taaddesaa Birruufi barsiisota Afaan Oromoo mana barumsichaatti kutaa 8ffaa barsiisanidha.

3.3 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu

Qorannoon adeemsifamu bu'a qabeessa akka ta'uuf amanamummaa akka qabaatuuf meeshaaleen ragaan ittiin funaanamu adda baasuun filachuun barbaachisaadha. Bu'uuruma kanaan meeshaaleen funaansa ragaa qo'attuun kun madda odeeffannoo eeraman irraa funaannattes qormaata fi afgaaffii dha.

3.3.1 Qormaata

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko qormaata akka ta'e Dastaan(2013:122)'Qormaanni gosoota odeeffannoo ittiin funaannatan keessaa isa birooti' jechuu yaada kana cimsa. Bu'uruma kanaan qorattuunis meeshaa odeeffannoon itti funaanamu kanatti dhimma baateetti. Innis jalqaba barattoota akka iddattootti filatamaniif barreeffama qorannichaaf ta'u kitaaba dabalataa Afaan Oromoo kutaa 7ffaafi 8ffaa qophaa'e irraa fudhattee dubbisuufiin akka barreessan taasiste .Akkasumas, mata duree kennuufiin akka isaan yaada burqisiisani barreessan jajjabeessitetti. Kunis adeemsaseera barreeffama barattoota kanaa haala qabatamaan xiinxaluufi dogoggoroota mul'atan qoqqoduun lakkoofsaan erga ka'amee booda ibsi itti kennamera.

3.3.2. Af- gaaffii

Meeshaan funaansa raga kun odeeffannoo baay'ee murteessaa ta'ee bifa gaaffiitiin qopha'an barsiisota, barattoota fi qaamota sadarkaa adda addaa jiran irraa rakkoo jiru falasaa wajjin sakata'uuf gargaara. Bu'uuruma kanaan qorattuun kun odeeffannoo funaannachuuf tooftaaisheen itti gargaaramte keessaa inni biraan af-gaaffii dha. Kunis bifa lama qabaata. Isaanis gaaffilee cufaa (daangawaa) fi banaa (miti daangawaa) yammuu ta'an, gaaffii cufaan yeroo gabaabaa keessatti odeeffannoo hedduu argachuuf tajaajila. Gaaffii banaa immoo akka odeeffannoonni osoo hindangeffamiin yaada isaanii ibsanf gargaara. Kanaaf qorattuun barsiisotaaf gaaffii cufaa afuriifi banaa ja'a qopheessuun akka odeeffannoonni (barsiisonni) daricha barsiisan lamaan dhimma ga'umsa dandeetti barreessuu barattoota kanaarratti yaadasaanii bilisa ta'anii ibsataniif haala mijeessitee odeeffannoo funaannattee rakkoon qubeessuu ,tuqeessuu, filannoo jechootaafi k.k.f akka jiru odeeffannoo argatteetti.

3.4. Mala Iddatteessuu

Iddatteessuu hayyoonni garaagaraa haala garagaraan hiikaniiru. Akka Dastaan(2013:132), Trochim(2006) wabeeffachuun waa'ee iddattoo akkas jechuun ibsa.

'Sampling is the process of selecting units (eg. People organizations) from a population

of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our results back to

the population from which they were chosen'

Yaaduma kana Addunyaan (2011:65) yoo ibsu,“qorataan tokko qorannoosa yammuu gaggeessu kanneen dhimmichi ilaalu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta’eef iddattoon filatamaadha. Odeeffannoo argaman bu’uura tasifachuun argannosaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf olchuun ni danda’ama”jechuun ibseera. Yaadonni kunniin kan nu hubachiisanu qorataan tokko yammuu qorannoosaa gaggeessu, qaama dhimmi ilaalu keessaa qaama jara hafan bakka bu’uu danda’an filachuun barbaachisaa ta’uusaati. Bu’uuruma kanaan qorattuun qorannoo kanaas barattoota kutaa 8ffaa bara 2011 mana barumsaa Jeneraal Taaddesaa Birruutti barachaa jiran hundarraa odeeffannoo funaanuun ulfaataafi rakkisaa waan ta’eef barattoota jiran keessaa harka 1/3 kan ta’anfi barsiisota daree sana barsiisan lamaanirraa odeeffannoo funannatetti.Iddatoo yammuu filannu %33 ta’uu akka qabuufi kunis warra qorannichi ilaallatu keessaa filatamuu akka qaban ayyoonnini ibsu.

Malli iddatteessu qo’attuun kun ittiin gargaaramtes mala iddatteessuu miti carraati.Kanumaan walqabatee,qorattuun gosa iddateessu miti carraa kana keessaa immoo gosa tokko kan ta’e iddateessuu akkayyoo/kaayyeffamaatti/(purposive sampling)fayyadamtetti. Sababni isaas, iddattoon filatamaan qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorattuurratti waanhundaa’aniifiidha.”Akk ayyoo kan jedhames; akka kaayyoo qorannichaatti yookaan qorattuutti odeefkennitoota filachuu akkata’e maddi raga adda addaa ni ibsa. Kun ammoo, odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa qaama hubannoo dhimmichaa qaburraa kallatumaan argachuuf yaadameeti. Haaluma kanaan qorattuun barattoota kutaa 8ffaa A hanga F tti jiran Dhi 162 Dha156 Ida318 yammuu ta’an isaan keessaa kanneenSulultaarraa dhufan dhi.16 dha.11 Ida.27,kanneen Finfinnee keessaa dhufan dhi. 7 Dha.16 Ida.23 akkasumas kanneen Buraayyuudhaa dhufan dhi. 120 dha.115 Ida.235 dha. Kana keessaa qorattuun akka iddattootti %33 lakkoofsan Dhi. 53 Dha.52 Ida.105ta’an mala akkayyootti fayyadamtetti,kanneen keessaa kan Afaan Amaariffaan barataa turan dhi.19 dha.14 Ida.33 fikanneen Afaan Oromootiin baratan dhi.34 dha.38 Ida.72fudhachuun odeeffannoo funaannatetti.Akkasumas Brsiisota Afaan Oromoo daree sana barsiisan lamaan akkuma jiranutti fudhachuun odeeffannoo irraa sassabbatteetti.

3.5. Mala Qaaccessa Ragaa

Qorannoon kun haala ga’umsi dandeetti barreessuu Afaan Oromoo Barattoota Mana Barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu Kutaa 8ffaa maal akka fakkaatu xiinxaluun kan gaggeeffamedha. Haaluma kanaan yaada haala fayyadama seera barreeffama Afaan Oromoo Barattoota Mana

Barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu kana ilaalchisee qorattuun ragaalee afgaaffiin barsiisotarraa argamanuufi qormaataan barattoota irraa argaman bu'uura godhachuun mala akkamtaafi ammamtaatiin qaccesitetti. Kunis, ragaaleen afgaaffiitiin barsiisotaafi barattoota muraasarraa waraabaman akkuma jirutti fudhachuun qorannicha qulqullina dhabsiisa waanta'eef, kaayyo qorannichaa qofarratti hunda'udhaan yaadota irra deddeebii qabaniifi kaayyoon walhinqa banne hambisuun barreeffamatti jijjiiramee addaan baafamera. Kana malees, qorattuun odeeffan noo qormaataan argaman erga kaayyoo qorannichaarratti hunda'uun addaan baastee akkaataa walfakkaataniin gosa gosaankeessetti.

Ittiaansee bay'ina dogoggra mul'atee addaan baasuun dhibbantaan kaa'uun qaaccesitetti. Kanne en dogoggora barreessuu qabanakka adeemsisaa sirrii ta'uuf dogoggora kan jedhu jalattitarreeessuun gara itti sirrefaman ammoo, sirrii kan jedhu jalatti tarreesitetti. Akkasumas qaaceessi irratti geggeffamera. Walumaagalatti ragaalee bifa af gaaffiifi qormaataan funaaname mala akkamtaafi ammamtaatti fayyadamuun qacceffame, dhumarratti yaadi gudunfaa, argannoofi furmaata ka'ameera.

Boqonnaa Afur:Ragaalee Qaacceessuu,Ibsuufi Hiikuu

4.1.Odeeffannoo waliigalaa

Qorannoon kun magaalaa Finfinnee kutaa magaalaa Gullallee Aanaa 9 mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sad.1ffaa keessatti ga'umsa dandeettii barreessuu barattoota kutaa 8ffaa qaban addaan baasuun furmaata itti kennuurratti hojjetame.Akka ragaan muli'sutti,mana barumsaa kana keessatti kutaa 8ffaan daree barnootaa 6 fi barattoota dhi.162 dha.156 ida.318 kan jiran yammuu ta'an,kanneen keesaa akka iddattootti %33 dhi. 53 dha.52 Ida.105 kan ta'an filatamaniiru.Isaanis,kanneen Afaan Amariffaatiin barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran barattoota 33 akkuma jiranitti kan fudhatamaniifi kanneen Afaan Oromootiin barachaa jiran keessaa ammo barattoonni 72 fudhatamaniiru.Sababiinsaa,barattootni kun maneen barnootaa Finfinneefi naannawa isheerraa kan dhufan yammuu taa'an,kanneen Afaan Amaariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromoon barachaa jirniifi kanuma Afaan Oromootiin kutaa tokkoo kaasani barachaa jirankan ofkeessatti haammaatejiru waanta'eefidha. Keessuma barattoonni Afaan Amaariffaan barachaa turanii yeroo ammaa kana afaan Oromootiin baracha jiran tattaaffii cimaa gochaa jiraatanillee,hanqina ga'umsa dandeettii barreessuu kan qabaniifi kanneen Afaan Oromootiin barachaa dhufan keessaas rakkoon kun kan mu'latu ta'uusaa ragaan karaa adda addaa odeeffkennitootarraa funaanamuun qacceffame mul'seera.

4.2.Qaaccessa Ragaalee

Mata duree kana jalatti barreeffama barattootaaf dubbifameefii barreessifameefi kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessaan idduma tokkotti qaacceffamaniiru.Sababnisaa yeroo sakatta'iinsi geggeeffamu barattoota gosa lachaniifi barreeffamoota lachan keessatti haaluma walfakkaatuun hanqinni ga'umsaan barreessuu keessatti ni mul'ta. Hanqinooti yookiin dogoggoroonni gosa garaa garaa heduuu keessaatti mul'ata.Kanaafuu akka qaaccessuf malutti garee walfakkaachuu dandaa'aniifi iddoo warra hafanii bu'uu daandaa'anitti qoodame jira. Akkasumas,yeroo qaacceffamni irratti taasifamu haala baramaa barreeffamoota afaanichaa bifa garaagaraan kitaaba irratti,gaazexaafi kanneen biroorra jirurratti hundaa'a.

4.2.1. Qaaccessa Akaakuu Dogoggora Qubeessuu(Sirritti Qubeessuudhabuu) Taasifame.

Mata duree kana jalatti akaakuu ga'umsaan barressuudhabuu keessaa dogoggora qubeessuu,qub-gudeesaa,tuqeessuu,itti fayyadama jechootaafi kan kana fakkaatanirratti odeeffannoo argamantu qaaceffame. Akaakuun dogoggoraa kunniinis,jabeessuu dhabuufi laffisuu dhabuu,dheerressuud habuufi gabaabsuu dhabuu,irra butaafi hudhaa,qubee tokko kan biraan bakka buusuu,qubee xiqqeessuufi guddisuudhabuu,sirna tuqaaleetti seeraan fayyadaamuudhabuufaa irratti mul'atantu qaaceffame. Hanqinoonni ga'umsaan barreessuu dhabuu kanneeniifi rakkoo isaan qaqqabsiisan caalaatti ifa taassisuuf,gabateewwan kanaa gaditti dhiyaatanii jiru. Haalli itti dhiyaates akkaata q aaccessa dogoggoraa (ga'umsaan barreessuu dhabuuti) ragaalee akkaataa walfakkaataaniin qoqq oodamuunidha. Akkasumas,ragaaleen funaanaman heddummina waan qabaniif,kanneen keessaa qaaceffaman akka bakka bu'aa gareesaanii ta'anitti kan dhiyaatanidha. Warreen jechaan dhiyaatan akka ifa ta'uufis,ragaalee funaanaman'dogoggora' kan jedhu jalatti tarreeffamanii kan jiran yoo ta'u,gara isaan itti sirraa'uu qaban immoo,'sirrii'kan jedhu jalattii tarreeffamanii jiru.

4.2.1.1.Jechoota Gabaabbachuufi Dheerachuu Dhabuu

Mata duree kana jalatti jechootta osoo gabaabbachuu qabani dheeratanii osoo dheerachuu qabnii gabaabbatan kan barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiraniifi kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirantu qaaceffamee jira. Haaluma kanaan jalqaba gabatee(2) keessatti Caalaatti dhimmicha qabatamaafi ifa taasisuuf dhiyaatan qaccessuun ibsi itti kennameera.Jechoonni kunniinis akka bakka bu'aatti kan dhiyaatanidha. Akkasumas,jechoota gabatee(3) keessatti odeeffannoon ammamtaan dhiyaateetti ibsi itti kennameera.

Gabatee 2. Jechoota dheerachuufi gabaabbachuu dhabuu dhamsagoota qaban.

Dheerachuu dhabuu		Gabaabbachuu dhabuu	
Dogoggora	Sirrii	Dogoggora	Sirrii
Jartii	Jaartii	Aniis	Anis
fula	fuula	garaa	gara
shaala	shaalaa	biyyii	biyyi
kara	karaa	ergaa	erga
ciref	cireef	haadhaa	haadha
hin dhowwatin	hin dhowwatiin	lolaa	lola
ciredhaf	ciredhaaf	boonaa	bonaa
dhise	dhiise	boodaa	booda
Oromiyan	Oromiyaan	caalaa	caala
badhatuu	badhaatuu	duraa	dura
demte	deemte		
afan	afaan		

Gabatee 2 keessatti tarreeffamanii kan jiran jechoonni dhamsagni isaanii gabaabbachuu qaban osoo hin gababbatiin kan hafan akka armaan gadiitti qaaceffamuun rakkooleen mul'atan taa'anii jiru. Haaluma kanaan hima...aniis achumaanan dhiisee baqadhe' jedhu keessatti kan barbaadame bamaqa ramaddii tokkoffaa qeenxee agarsiisu janiis jedhudha. Kan qubeeffamee jiru garuufaniis' kan jedhudha. 'aniis' kan jedhu Afaan O romoo keessatti hiika waan qabu hin fakkaatu. Rakkoo kanas kan fide dubbachstuun /i/n gabaabbachuu osoo qabuu dheerachuu irraa kan ka'edha. Jechi 'garaa' jedhu kun immoo hima 'garaa mana abbaa isheetiitti, baddee deemte' jedhu keessaa kan fudhatamedha. Akka galumsa kanaatti kan barbaadame 'gara' kan jedhudha. Dogoggorri kun kan uumames qabata dubbachstuun /a/ dheerateenidha. Kanaaf /a/ gabaabsuun 'gara' kan jedhu ta'a. Dogoggorri qubeessuu kun immoo hiika jechichaa jijjiiruun ergaa himichaas jijjiiree jira. Kunis, jechi 'garaa' jedhu kutaa qaama namaa kan nyaanni itti kuufamu yoo ta'u barreeffamicha keessatti kan barbaadame garuu kallattii agarsiisuudha.

Gabatuma (2) keessatti 'biyyii' kan jedhu yoo ilaalamu yammuu sagaleeffamu gabaabina qabuun 'biyyi' jedha. Sababni isaa 'biyya + -i= biyyi' ta'a. Kanarraa kan ka'e sagaleen dhuma jecha kanarra jiru dheerachuun akka dogoggoraatti fudhatame. Jechi kun barattoota akka iddattootti fudhataman hedduu biratti 'biyyii' jedhamee barreeffame (qubeeffame). Kun immoo dogoggora akkumasirritti fudhatamanii fayyadamuu kan jedhu mul'isa. (Brown, 1994)

Gama biraatiin, jechi 'ergaa' jedhu immoo '...Ergaa takka nyaatanii bood a... 'kan jedhamu keessaa fudhatame. Haala galumsa kanaan ergaan barbaadame waan nyaatamu sana dursanii nyaachuu jalqabuu isaanii kan ibsudha. Hiikni 'ergaa' jedhu yoo ilaalamu garuu jecha 'dhaamsa' jedhu qaba. Kanaafuu, dubbachstuun /a/ gabaabsuun 'erga' akka jedhu taasisuun sirreessuudha. Akkasumas, jechi 'haadhaa' jedhus yoo ilaalamu 'haadha warraa...' kan jedhu keessaa fudhatame. Haala galumsa kanaatiin ergaan barbaadame 'haadha warraa' kan jedhu ture. Haata'u malee, sababa dubbachstuun /a/ dheerateef hiikni isaa 'niitii/haadha manaa' kan jedhu dhiisee 'haadhaa' kan jedhu hiika jecha 'kota'uu' jedhu kenna. Kana sirreessuuf galumsicha hordofun dhamsaga/dh/ gabaabsuun 'haadha warraa' akka jedhu taasisuudha. Qubeessuun jecha tokkoo sirriidha yookiin miti jechuuf immoo galumsa inni keessa jiru ilaaluun barbaachisaadha. (Ellis, 2009).

Kana malees, jechoonni akka lolaa, boonaa, boodaa, caalaa, duraa jedhaman rakkoolee walfakkaatan qabu. Kunis, 'lolaa' kan jedhu keessatti /a/ gabaabsuu dhabuun, 'boonaa' kan jedhuuf immoo /b/ gabaabsuu dhabuun boodaa' kan jedhu keessatti immoo /a/ gabaabsuu dhabuun, 'caalaa' kan jedhu keessatti /a/ gabaabsuu dhabuun, akkasumas, 'duraa' kan jedhu keessatti /a/ gabaabsuu dhabuutu mul'ata. Jarreen kun sababa gabaabbachuudhabaniif baay'een isaanii guutummaan guututti hiika jijjiiraniiru. Yoo sirreeffamanis lola, bona, booda, caala, dura jechuudhaan sirreeffama. Rakkoo kana ilaalchisee ragaan afgaaffiin barsiisotaafi barattootarraa argame akka ibsutti barattoonni kun kan Afaan Amaariffaan barataa dhufanis, kan Afaan Oromoon baratani dhufan keessattis akka mul'atu ibsuun warri Afaan Amaariffaan barachaa turan ga'umsi qubeessuu afaanichaa akka itti hirratu mul'isa. Warri Afaan Oromoon barachaa turan immoo xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu mul'isa. (Norrish, 1983).

Gama biraatiin, jechoonni dhamsagni isaanii dheeraa iddoo itti dheeratanitti gabaabbachuun dogoggorri qubeessuu irratti uumame akkuma gabatee (2) keessatti ilaaluun danda'amutti ni mul'atu. Jechoota gabaticha keessa jirani akka armaan gadiitti qaacceessuun rakkooleen mul'atan ibsamaniiru.

Haaluma kanaan jechoonni akkajartii, fula, shaala, kara', jedhaman rakkoolee walfakkaatan qabu. Kunis, 'jartii' kan jedhu keessatti /a/ dheeressuu dhabuu, 'fula' kan jedhuuf immoo /u/ dheeressuu dhabuu, 'shaala' kan jedhuuf immoo /l/ dheeressuu dhabuufi 'kara' kan jedhu

keessatti immoo /a/ dheeressuu dhabuutu mul'ata. Yammuu sirreessinu, jaartii, fuula, shaalaa, karaa' jedhudha. Rakkoo kanaan walqabatee ragaan afgaaffiin argames kanuma ibsa.

Dabalataanis, kan cireef jedhame yoo ilaalamu akka galumsichaatti 'cireef' jedhamuu barbaadameetu. Dhamjecha{-f} immoo jechoota irratti yoo maxxantu baay'inaan sagaleen dura jiru ni dheerata (Abera, 1988). Kanaafuu, 'cireef' kan jedhu ta'a. Kan 'hin dhowwa tin' jedhus hima'...waan nyaannu nu hin dhowwatin' jedhu keessaa kan fudhatamedha. As keessatti {hin} kan jedhu kan jechatti maxxanuu qabu hinmaxxanne. (Askale, 1998; Addunyaa, 2011). Dabalees jecha ' dhowwatin' jedhu kana namni Afaan Oromoo beeku akkasiin hin sagaleessu; akkasumas, {-tin} kan jedhu bifa dheerina qabuun {tiin}tti sirraa'ee ta'a malee hin gabaabbatu. Rakkoon kun yaada afgaaffiin argaman yoo ilaalamu, barattoonni hedduun gargaarsa barsiisota isaaniirraa argatanfi tattaaffii mataa saanii gochuudhaan kan fooyyee qaban yoo jiraatanis sababa kanaan dura Afaan Amaariffaan barachaa turaniif yaada sammuu keessaa qaban sana bifa sirrii ta'een qubeessuun isaan rakkisa. Akkasumas, 'ciredhaf' jedhu kun haala sagaleessuufi qubeessamuu baramaa irraa a dda ta'edha. Gara isa baramaatti deebisuuf, dubbachstuun /e/fi /a/ dheeressuudha. Yookaan 'Ciree+{ _dhaaf} jechuudha. Sababnisaa dhamjech{-dhaaf} kan jedhu bifa gabaabinaan ta'uun seera afaanichaa keessatti hin mul'atu. Akkasumas, kan inni irratti maxxanu sun sagaleen isaa ni dheerata. Haala kanaan 'cire e+dhaaf= cireedhaaf ' kan jedhu ta'a. Jechoonni rakkoo akkasii qaban hedduudha.

Jecha 'dhise' jedhamuun taa'e 'dhiis ee' kan jedhuun bakka bufachuu barbaadameeti. Jechi 'dhise' jedhuu hiikaan wanta diriirfame tokkoon bakka bu'a. Sababa dogoggora qubeessuu /i/fi /e/ hin dheeratiin hafeef jechichi hiika biraa akka kennu taasiseera. Kanaafuu dubbachstuun /i/fi /e/ dheeressuun 'dhiisee' kan jedhutti sirreessuu. Hiikni jecha 'dhiisee' jedhu kun bakka tokko dhiisanii bakka biraa deemuu ibsa. Fakkeenyumma gabatee(2) keessa jiru 'Oromiyan' jedhu 'Oromiya+-a/-n=Oromiyaan' haala jedhuun qubeessuu dhabuu mul'isa. Akkasumas, haala dhamjecha{-n}fi dhamsaga/n/ gargar baasuu dadhabuutu mul'ata. Kun immoo hubannoo haala qubeessaa dhamsagaafi dhamjечaa qabaachuu dhabuu mul'isa. Beekumsa jara kanaa qabaachuun immoo qubeessuu keessatti barbaachisaadha. (Crystal, 1987; Erric, 1976). Gama biraatiin, 'Badhatuu' jedhu kan hima 'Oromiyaan qabeenya uumamaatiin badhatuudha' kan jedhu keessaa kan fudhatamedha. Jichi kun akka Afaan Oromootti hiika waan qabu hin fakkaatu, kan jedhamuuf barbaadame garuu qabeenya uumamaa baay'ee qabdi yookiin lalistuu kan jedhu

ture.Kanaaf jechi'badhatuu' jedhu dogoggoraan qubeeffame. Sirreessuuf/a/ dheeressuun 'badhaatuu' akka jedhu taasisuudha. Kun akkaataa jechoonni waliin hiriirani walsimatani ergaa tokko dabarsaniif qubee isaanii sirreessanii qubeessuurratti hanqinni akka jiru agarsiisa. Haala galumsaan qubee barbaachisu guutani walsimisisanii barreessuu dhabuun immoo dogoggora keessaa isa tokkodha (Ellis,2009).

Karaa biraan,'demte' kan jedhu keessatti dubbachstuun /e/ dheerachuu dhabuu.'afan'kan jedhuuf immoo/a/ dheeressuu dhabuurraa kan ka'e dogoggoraan qubeeffaman. Rakkoon kun warra Afaan Oromoon barachaa turaniif xiyyeeffannoo dhabuu barattoota Afaan Amaariffaan barachaa turaniif immoo beekumsa dhabuu mul'isa. Yaadni afgaaffii irraa argames kanuma mirkaneessa.

Gabatee 3.Jechoota dhamsagni isaanii dheerachuufigabaabbachuu dhabuu ammamtaan agarsiisuu

Gabaabbachuufi dheerachuu dhabuu	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qabaniifi achi keessaa kan dogoggora qubeessuu dhamsaga dheeraafi gabaabaa qaban.							
	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qaban kan barattootaaf dubbifameefii barreeffaman waliigalaa 8711				Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qaban kan keeyyata barattoonni mata duree filatani barreessan keessatti kan argame waliigalaa 1,289			
	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran waliigalaa 5973		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 2738		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran waliigalaa 742		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 547	
	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%
Dheerachuu dhabuu	1063	17.8	496	18.1	139	18.73	107	19.56
Gabaabbachuu dhabuu	989	16.55	276	10.08	134	18.05	73	13.34

Akka gabateen (3) agarsiisutti dheerachuu dhabuun waliigala dogoggora qubeessuu barreeffama barattootaaf dubbisuun barreessifame keessatti mul'atu ilaalchisee % 17.8 kanneen Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'atu yoo ta'u, % 18.1 kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran keessatti mul'ateera. Akkasumas,kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaallu% 18.73 kanneen Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'atu yoo ta'u, % 19.56kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti mul'ateera. Kun kan mul'isu rakkoon dogoggora qubeessuu dheeressuu dhabuu barreeffamoota barattoota kanaan barreeffaman keessatti kanargamanuyammuu ta'u kan barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiranifi kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiranwalbira qabnee yammuu ilaallu kan barattoota warra Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankan caalu ta'uusaa qaaccessi kun mul'iseera.

Gama biraatiin, dogoggorri qubeessuu dhamsagoota gabaabbachuu qaban gabaabsuu dhabuu yoo ilaalamu dogoggora qubeessuu waliigalaa barreeffama barattoota barreessifame keessatti mul'atan keessaa % 16.55kanneen Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'atu yoo ta'u, % 10.08kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti mul'ateera. Akkasumas,kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaallu % 18.05kanneen Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul,atu yoo ta'u, % 13.34kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti mul'ateera.

Akkasumas,barattoota Afaan Oromootiin jalqabaa kaasani barachaa jiran birattis ta'eekanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiranbiratti dogoggorri qubeessuu dhamsaga gabaabbachuu qabu dheeressuun kan mul'atu yammuu ta'u irra caalaatti barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran biratti kan mul'atu ta'uusaa qaaccessi kun mul'iseera

Haala kanaan dogoggorri qubeessuu dhamsaga gabaabbachuu qabu dheeressuun kan dogoggora qubeessuu dhamsaga dheerachuu qabu gabaabsuun waliin wal bira qabamee yeroo ilaalamu kan dheeressuu dhabuu iddoo lammanittuu caalee argame. Kana irraa kan hubatamu dogoggorri

qubeessuu sagaloonni jecha tokko ijaaran osoo dheerachuu qabanii gabaabsuun isa gabaabbachuu osoo qabuu kan dheerate caalee akka mul'ate ni agarsiisa.

4.2.1.2 Jabaachuufi Laafuu Dhabuu

Mata duree kana jalatti jechoota osoo jabaachuu qabanii hin jabaatiin hafaniifi kanneen osoo laafuu qabanii jabeeffamantu kan barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiraniifi kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirantu qaacceffamee jira. Haaluma kanaan jalqaba gabatee(4) keessatti Caalaatti dhimmicha qabatamaafi ifa taasisuuf dhiyaatan qacessuun ibsi itti kennameera. Jechoonni kunniinis akka bakka bu'aatti kan dhiyaatanidha. Akkasumas, jechoota gabatee(5) keessatti odeeffannoon ammamtaan dhiyaateetti ibsi itti kennameera.

Gabatee(4) Jechoota dogoggora qubeessuu jabeessuufi laafuu dhabuu qaban.

Jabaachuu dhabuu		Laafuu dhabuu	
Dogoggora	Sirrii	Dogoggora	Sirrii
haati waraa	haati warraa	Karraa	Karaa
dide	didde	haatti	haati
baka	bakka	akkumma	akkuma
miila	miilla	dhaqqu	dhaqu
iti	itti	arggee	argee
abaa	abbaa	harkka	harka
gana	ganna	cirree	ciree
kaneen	kanneen	tassa	tasa

Gabatee(4) keessatti dogoggora jabaachuu dhabuu agarsiisu haati waraa' irratti haalli itti qubeeffame kun dogoggora qubeessuu/jabeessuu dhabuu qaba. Akka galumsichaatti wanti jedhamuu barbaadame hiika jechaniitii/haadha manaa' jechuuf kan bakka bu'u ture. Kanaaf /r/ jabeessuun gara' haati warraa' j' edhutti sirreessuudha. Yoo sirraa'uu baate garuu hiika hin kennu. Akkasumas, kan 'dide' jedhu irrattis haalli itti qubeeffame dogoggora qubeessuu /d/ jabeessuu dhabuuti. Akka galumsichaatti wanti barbaadame hiika jecha' fedhii dhabuu' jechuuf kan bakka bu'uuf ture. Kunis kan jedhame abbaan warraa haadha warraatiin marqaa akka afaan

keessu gaafannaan diduu ishee kan ibsudha. Jabaachuu dhabuun jecha kanaa akka waan dhiiraaf jedhametti galee hiika jijjiireera. Akkasumas jechi 'baka'jedhu haalli itti qubeeffame dogoggora qubeessuu dhamsaga/k/jabeessuu dhabuu qaba. Jechi 'baka'jedhu kun immoo barreeffamoota afaan oromoo keessa jiru hin fakkaatu. Kanaaf hiikni kana jedhamee kennamuuf hin jiru. Warri barreessan sababa dogoggora qubeessuutiin waan hiika hin qabne habarreessan malee wanti isaan barreessuu barbaadan garuu 'bakka' kan jedhu kan jecha iddoo jedhu bakka bu'udha. Kanaafuu ,dogoggorri kun sababa hanqina gahumsa qubeessuun kan dhufeefi barattoota Afaan Amariffaan barachaaturanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiraniif hanqina gahumsaa yammuu ta'u ,kanneen Afaan Oromootiin barachaa turaniif immoo xiyyeeffannoo dhabuu ta'a.

Karaa biraa jechoonni logaan walqabataniid dogoggorri qubeessuu irratti ni mul'atu kanneen keessaa 'miila'kan jedhu yoo irra keessa ilaallu waan sirrii ta'e fakkaata. Haata'u malee dhamsagni/l/ waan laafeef waan barreeffamoota adda addaa keessatti itti fayyadamaa jirru miti. Kanaafuu kan baramee tajaajila kennaa jir'umiilla'kan jedhudha. Namoonni yeroo tokko tokko afaan dubbii/spoken language/keessatti ni fayyadamu. Haata'u malee jechi'miila'jedhu Afaan Oromoo keessatti hiika hin qabu. Kanaafuu qaama namaa kan ta'e kan adeemsaaf itti fayyadamnu'miilla'kanjedhu bakka bu'uun rakkisaa ta'a. Rakkoon kun rakkoo logaan walqabatee kan dhufudha. Logni immoo gara waalta'eetti yoo hin dhufu ta'e dogoggora qubeessuu kan fidu keessaa isa tokko ta'a.(Brown,1994).

Akkasumas, 'iti'kan jedhu yoo ilaalamu akka galumsa sanaatti kan barreeffamuu barbaadame'itti'kan jedhu ture.Kan 'iti'jedhu garuu, sagalee dhageessisuu yoo ta'e malee akka jechaatti hiika hin qabu. Iddoo kanatti sababa dhamsagni /t/ jabaachuu dhabeen hanga jechichi hiika dhabuu ga'e, kan 'abaa' jedhus sababa /b/ hin jabaanneef hiika hin qabu.Akka barreeffamichaatti kan barbaadame jech'abbaa' jedhuu waa n ta'eef dhamsaga/b/ jabeessuun gara sirritti fiduudha.Yeroo kana hiika barbaadame ni argata.

Haaluma walfakkaatuun,kan 'gana' jedhus hiika waan qabu hin fakkaatu. Namni Afaan Oromoo beekus jecha'ganna' jedhu 'gana' jedhee sammuu isaa keessatti yaaduus ta 'ee gadibaasee sagaleessuu hin jiru. Kana irraa ka'uudhaan wanti sammuu keessatti yaadame gadibaasamee sirritti qubeessuu dhabuun kan mul'atu ta'uu isaa agarsiisa. Kun immoo gara Afaan Oromoo barreessuutiin rakkoon gahumsa qubeessuu jiraachuusaa calaqisiisa. Odeeffannitoonni garaa garaas rakkoon akkasii akka jiru ibsaniiru.

Gabatee(4) kana keessatti jechin'yaataa jiruu' jedhu qabata /r/n hin jabaatiin hafeef waan jedhamuu barbaadame irraa maqee jira. Warri jecha kana barreessan garuu yaada 'Ganama cireef marqaa marqee osoo nyaachaa jirruu...'kan jedhu nyaata nyaachaa jiraachuu isaanii kan ibsu bakka bufachuuf barbaadaniitu.Kun immoo gaaleen'yaachaa jirruu'jedhuun bakka bu'amuu qaba ture. Kan 'nyaachaa jirruu'jedhu kana keessatti dogoggora qubeessuu mul'ate w aliin walqabatee rakkoon jiru yoo ilaalame gama hiikaatiin rakkoo danummaafi qeenxummaa mul'iseera.

Gama biraatiin kan'kanneen' sababa seera afaanichi barbaadu eegee hinqubeeffa mne. Kan barreeffamicha keessatti barbaadame kana +-een = kanneen ta'a ture. Dhamsagni/n/ jecha kana keessatti jabaatee mul'ata. Qabanni isaas,maxxantoonni danoominaa yeroo jecha irratti maxxanan adeemsa adda addaa agarsiisu (Abebe,2002;Addunyaa,2011). Haaluma kanaan,jecha 'kana'jedhu irratti dhamjechi danoomina agarsiiftu(-een) yoo maxxantu 'a'n haqamuun /n/ n jabaachuun jechakanneen' jedhutuu argama.Iddoo kanatti rakkoon mul'atu,maxxantuu barbaadame seera afaanichi qabuun maxxansuu akka hindandeenyedha. Kun immoo rakkoo qubeessuu fidee jira. Dabalees, jechicha hiika dhabsiisee jira.

Gama biraatiin,dogoggora qubeessuu jabaachuu ilaalchisee armaan olitti argarsiifamuuf yaalame era. Dogoggora qubeessuu laaffisuu dhabuu irratti mul'atan ammo gabateema (5) keessatti jechoota tarreeffaman fayyadamuun akka itti aanutti qaaceffamee jira.

Gabatee (4) keessatti 'karraa' kan jedhu dhamsagni /r/ jabaachuurraa kan ka'e hiika barbaadame daandii kan jedhu dhiisee kan biraa kennee jira.Kanaaf,/r/ laaffisuu akka jedhu taasisuudha.

Akkasumas kan'haatti'jedhu dhamsagni /t/ jabaateef hiika dhabs iiseera.Jechi barreeffama barattootaa keessatti barreeffame'haatti' kan jedhu haata'u malee , kan barbaadame'haati' kan jedhu ture.Kanaafuu /t/ laaffisuun 'haati' akka jedhu taasisuudha.Iddoo kanatti waan hiika hinqabneefi hin beekamne kun akkamitti akka barreeffamu odeefkennitoonni yoo ibsañ barattoonni baay'een waan sammuu isaanii keessa jiru barreeffamaan kaa'uu hindanda'an.Dabalees,xiyyeeffannoo itti kennuun hiika barbaadameefi qubeessuu jechicha walsi msiisee qubeessuuf yaalu barataa muraasadha,"jedhu. Yaada kanarraa kan hubatamu yaada

qaban sana sirriitti qabeessuu barreeffamaan kaa'uun akka rakkisudha.Kana jechuun beekumsa qubeessuurratti hanqina qabu jechuudha.

Gama biraan 'akkumma' kan jedhus 'akka+ -uma=akkuma' kan jedhu ture. As keessatti qabata jecha 'akka' jedhu irratti fufii {-uma} maxxansuu malee {-umma} waan maxxanseef jechicha guutummaamatti jijjiireera.Kanaaf,/m/ laaffisuun gara isa sirriitti fiduun ni danda'ama.Akkasumas dagoggora qubeessuu jechádhaqqu' jedhamu keessatti dhamsaga /q/ jabeessuudha.Kun immoo hiika jechichaa gara haala galumsaa sana irraa jallatetti fide. Haala galumsichaan kan barbaadame garuu bakka tokko deemuu yaada jedhudha.Garaagarummaa kana kan fides dhamsagni /q/ kan laafuu qabu jabaachuudha.Jechi kunis yammuu sirreeffamee barreeffamu 'dhaqu' kan jedhu ta'a. Galumsa jechichaa eeganii qubeessuu dadhabuun immoo rakkoo dogoggora qubeessuu fida (Brown,1994).

Kan 'arggee' jedhu keessatti immoo rakkoo dhamsagni /g/ jabaachuudhaan uumamedha. Hiikas dhabamsiiseera. Kanaaf,/g/ laaffisuun jecha'argee' jedhamu ta'a.Jecha 'harkka' kan jedhu keessatti rakkoo dhamsagni /k/ laafuudhabeen dogoggora qubeessuu uumamedha. Kanaafuu hiika dhabsiisee jira.Akka galumsa jechichaatti sirreeffamee yammuu barreeffamiharka' kan jedhu ta'a. Kan 'cirree' jedhu keessatti dhamsaga /r/ jabeessuun hiika akka jijjiiru taasiseera.Akka galumsa jecha kanaatti kan barbaadame nyaata ganama nyaatamu kan jedhu ture.Kanaafuu,/r/ laaffisuun 'ciree' akka jedhu taasisuudha. 'Cirree' kan jedhu waantokko kutuu yookiin qulqulleessuu ta'a.Kun immoo hiika barbaadame sana waliin walhinargatu. Dogoggorri qubeessuu laafuufi jabaachuu hiika jijjiiruu nidanda'a. (Getachoo,2011;Tafarii,2005). Kan 'tasa' jedhu haalli sirreeffamuu isaa kanuma olii waliin wal walfakkaatee,/s/ laaffisuun akka'tasa' jedhu taasisuudha.

Gabatee(5) Dogoggora dhamsgoonni jabachuufi laafuu dhabuu.

Dogoggora qubeessuu	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qabaniifi achi keessaa kan dogoggora qubeessuu dhamsaga jabaachuu fi laafuu qaban							
Jabaachuufi laafuu ilaalchi See	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qaban kan barattootaan dubbifameefii barreeffaman waliigalaa 8711				Baay'inajechoota dogoggora qubeessuu qaban kan keeyyata barattoonni mata duree filatanii barreessan keessatti kan argame waliigalaa 1,289			
	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran waliigalaa 5973		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 2738		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran waliigalaa 742		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 547	
	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%
Jabaachuu dhabuu	585	9.8	276	10.08	82	11.05	61	11.15
Laafuu dhabuu	323	5.4	120	4.38	46	6.19	26	4.75

Gabatee (5) irraa kan hubatamu dhamsaga jabaachuu qabu jabeessuu dhabuun baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qaban kan barreeffama barattootaaf dubbisuun barreeffaman waliigalaakeessatti mul'atu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran keessatti kan mul'ate% 9.8 yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran keessatti immoo % 10.08 mul'ateera. Akkasumas, kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaallubarattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran keessatti kan mul'ate % 11.05 yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran keessatti immoo % 11.15 mul'ateera.

Kanarraa kan hubatamu rakkoon dogoggora jabaachuudhabuu barreeffama barattoota gosa lamaan keessatti kan mul'atu ta'ullee, kanneen barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii

amma Afaan Oromootiin barachaa jiran biratti caalee akka mul'atu qorannoon kun mul'iseera. Walumaagalatti haalli kun yoo ilaalamu dogoggorri jabeessuu dhabuu caalmaatti kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessattimul'ata.

Gama biraatiin, dogoggorra laaffisuun qubeessuu dhabuu kan barreeffama barattootaaf dubbisuun barreeffame keessatti mul'atu yammuu ilaallu, kan barattoonni Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'ate% 5.4yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 4.38akka ta'e ragaan ni mul'isa. Akkasumas,kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaallubarattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'ate% 6.19 yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 4.75dha.

Kanraa kan hubatamu dogoggorri laffisuun qubeessuu kan barattoonni mata duree filachuun keeyyata barreessan dogoggorra laaffisuun qubeessuu barattootaaf dubbisuun barreeffame caalee argame. Akkasumas, laaffisuudhabuun barreeffama barattoota gosa lamaanii birattuu kan mul'atu yammuu ta'u caalmaatti barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran biratti kan mul'atu ta'uusaa qaacceessi kun mul'iseera.

Haaluma kanaan dogoggorri qubeessuu jabeessuu dhabuu (dhamsaga jabaachuu malu laaffisuu) kan dogoggora qubeessuu laafuu dhabuu waliin walbira qabamee yoo ilaalamu kan jabaachuu dhabuu eddo lammanittuu caalee argama. Kanarraa kan hubatamu dogoggorri qubeessuu sagaloonni jecha tokko ijaaran osoo jabaachuu qabani laafuu isa laafuu malee jabaate caalaa akka mul'atu agarsiisee jira.

4.2.1.3.Dogoggora Irra-Butaafi Hudhaa Waliin Walqabatee Mul'atu.

Mata-duree kana jalatti rakkoo qubeessuu irra-butaafi hudhaa wajjiin walqabatee mul'ateetu qaaceffame. Haaluma kanaan jalqaba gabatee(6) keessatti Caalaatti dhimmicha qabatamaafi ifa taasisuuf dhiyaatan qacessuun ibsi itti kennameera.Jechoonni kunniinis akka bakka bu'aatti kan dhiyaatanidha. Akkasumas,jechoota gabatee(7) keessatti odeeffannoon ammamtaan dhiyaateetti ibsi itti kennameera.

Gabatee 6. Jechoota dogoggora irra-butaa fi hudhaa qaban

Dogoggora qubeessuu irra-butaa waliin walqabate		Dogoggora qubeessuu hudhaan waliin walqabate	
Dogoggora	Sirrii	Dogoggora	Sirrii
Wanacii	Wancii	Ajaaiba	ajaa'iba
dhiisite	dhiiste	nagaphai	nagapha'i
hojtii	hojiitii	nak'ai	naka'i
jedhmu	jedhamu	ajaa.iba	ajaa'iba
dinqisiqfachaa	dinqisifachaa		
intalmakoo	intalakoo		
dhiistee	dhiistee		
harkka	harka		
guurtee	guurtee		

Gabatee (6) kanarraa akkuma hubatamutti 'Wanacii' jedhu yoo ilaalamu iddoo dubbachisaan galuu qabus galuu hin qabnes dubbachisaan galee jira. Akka seera qubeessuu Afaan Oromooti garuu iddoo irra-butaa jirutti dubbachisaan hinsaagamu (Tafarii,2005). Kan qubeeffamee jiru kun garuu seera kana hineegne. Kanaaf /n/ booda dubbachisaan [a] saagame haquu 'Wancii' gara jedhutti sirraa'a. Akkasumas, 'dhiisite' kan jedhuuf 'dhiiste' kan jedhu irra-butaa kan ture/s/ booda [i] saaguun dogoggora qubeessuu uumame kun immoo haala baramaa jechi kun duraan itti qubeeffame jal'isuufi hiika ifaa ta'e akka hin qabaanne kan taasisudha. 'Kojtii' jedhus sababni birsagni 'jii' gara irra-butaa jijiiruun ka'ameef kan duraan baramerraa adda ta'e; ergaan isaas ifaa miti. Dubbachisaan haqame iddootti deebisuun 'hojiitii' yoo jedhu sirrii ta'a.

Kana malee 'jedhmu' kan jedhu yoo ilaalamu jecha '...jedhamu' jechuun qubeeffamudha. Garuu /dh/ irra-butaa gochuufi isa irra-butaa ta'e /m/f immoo dubbachisaa saaguun waan qubeeffameef hiika dhabee jira. Jechichi immoo xumura waan ta'eef gara ergaa addaan kutuutti dhufa. Dogoggorri qubeessuu ergaa akka addaan kutu haayyoonnis nihimu (Norrish,1983;98). Karaa biraatiin, kan 'dinqisiqfachaa' jedhu hiika hin qabu. Qabanni isaa qubee dubbifamaa hinbarbaachifne gidduutti dabalee irra-butaa gochuun akka hiika dhabu taasissee jira. Haala galumsichaan kan barbaadame garuu ajaa'ibsifachaa kan jedhudha. Hiika

kanaaf immoo qubee [q] haquun'dinqisifachaa'kan jedhutti dhufa. As keessatti dogoggora itti dabaluu kan dhufedha. (Ellis,2009; Brown,1994).

Akkasumas,kan'intalmakoo' jedhu keessatti qabata jecha irra-buta hinqabne qubee dubbifamaa [m] gidduutti dabaluu irra-buta waan taasifameef hiika hinqabu kun immoo seera irra-buta afaanichaa keessas hinjiru. Haala galumsichaan hiikni barbaadame 'intalakoo' kan jedhu ta'a.

Gabateema (6) kana keessatti'dhiistee' jechuuf dubbifamaan sadii walitti aansuun 'dhiistee' jedhe.Akka seera afaanichaatti immoo gidduu jechaa irratti dubbifamaan gosa tokkoos ta'e adda addaa lamaa ol walitti aanee hindhufu. Kanaaf, dubbachiisaa saaguu yookiin dubbifamicha gara seerri eeyyamutti deebisuudha.Haala kanaan /t/ tokko haquun gara 'dhiistee' jedhutti fiduudha.

Kan 'harkka,guurttee' jedhan yoo ilaalamanis seera afaanichaa dubbifamaan lamaa ol walitti hinaanu kan jedhu cabsanii jiru .(Tafarii, 1998). Kanaaf,kan itti dabalame haquun gara 'harka,guurtee' jedhutti fiduudha. Haala akkasii kana odeefkennitoonni yoo ibsan''barattoonni tokko tokko irra-buta jabeessuuf yaalan nimul'ata,,''jedhu. Kan jechuun gareen kun seera qubeessuu afaanichaa akka adda hinbaafanne mirkaneessa. Gama biraatiin, odeefkennitoonni yoo dubbatan seera qubeessuu afaanichaa barattoonni beekan muraasa kan jedhu qaaccessa kanarraas nicalaqqisa.

Walumaagalatti irra-buta ilaalchisee dogoggora akka isa irra-butaa ta'e dubbachiisaa saaguu,isa kaan immoo ofumaan kan jechichi irra-butaa hinqabne itti gochuufi qubee dubbifamaan hinbarbaachifne itti dabaluu irra-butaa uumuutu mul'ata.

Karaa biraan, kanneen armaan gadii immoo haala dogoggora hudhaa waliin walqabatee mul'atuuf bakka bu'aa ta'an ragaalee gabatee (6) keessa jiran irratti qaacceffamani taasifamee jira. Haaluma kanaan, kanneen 'ajaaiba,nagaphai' jedhaman irratti hudhaan (mallattoon hudhaa) bakka galuu malutti hingalle. Karaa biraan, dubbachiisaan gosa adda addaa osoo hudhaan gidduu hin seeniin walittiaanee hindhufu.Kanaaf,'ajaaiba' kan jedhu ' ajaa'iba' ' nagaphai'kan jedhu' nagapha'i' ta'a jechuudha. Hiiknisaas afaan nakaa'i jechuudha.Yaada odeefkennitoonni kaasan keessaa haala kana waliin kan walqabatu yoo ilaalamu dogoggora qubeessuu hudhaa irratti yoo uuman osooma sammuu isaanii keessatti waa'ee hudhaa beekanii yoo qubeessan garuu itti fayyadamuu irratti akka hanqina qaban mul'isa. Dabalees, muraasni isaanii immoo xiyyeeffannoo dhabuu agarsiisa. Jechá nak'ai' jedhu keessatti immoo hudhaan bakka galuu

hinqabnetti galee jira. Kanaaf, bakka galuu qabu yoo galu'naka 'i' kan jedhu ta'a. Akkasumas 'ajaa.iba' kan jedhamu yoo ilaalamu dogoggora qubeessuu iddoo hudhaan galuu male mallattoo tuqaa galchuun mul'ata. Garuu mallattoon hudhaa Afaan Oromoo keessatti mallattoo mataa isaa danda'e qaba. Kanarraa kan hubatamu barattoonni mallattoo hudhaaf mallattoo adda addaa akka fayyadamaa jiranidha. Yoo sirraa'u mallattoo isaaf kenname (') qubeessuun 'ajaa'iba' kan jedhu ta'a.

Gabatee (7) Dogoggora qubeessuu irra-butaafi hudhaa waliin walqabate amma/hangaan/ mul'isu.

Dogoggora qubeessuu irra -butaafi hudhaa	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qabaniifi achi keessaa kan dogoggora qubeessuu irra-butaafi hudhaa waliin walqabate							
	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qaban kan barattootaan dubbifameefii barreeffaman waliigalaa 8,711				Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qaban kan keeyyata barattoonni mata duree filatanii barreessan keessatti kan argame waliigalaa 1,289			
	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran waliigalaa 5,973		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 2,738		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran waliigalaa 742		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 547	
	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%
Dogoggora qubeessuu irra -butaa waliin walqabate	177	2.9	82	3	38	5.1	30	5.4
Dogoggora qubeessuu hudhaa waliin walqabate	136	2.2	85	3.1	14	1.9	15	2.7

Gabatee(7) olii kanarraa akkuma mul'atutti dogoggorri qubeessuu irra-butaa waliin walqabatu yoo ilaalamu, waliigala dogoggora qubeessuu barreeffama barattootaaf dubbifameefii barreeffaman keessatti mul'atan keessaabarattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran biratti % 2.9yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 3dha. Akkasumas,kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaalluimmoo,barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'ate % 5.1yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 5.4mul'ateera. Kanarraa kan hubatamu rakkoon kun barreeffamoota barattoota kanaan barreeffaman hunda keessatti kan mul'atu yammuu ta'u, irracaalmaatti dogoggorri kun barattootaAfaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiranbiratti kan mul'atu ta'uusaa qaaccessi kun mul'iseera.

Dogoggora qubeessuu hudhaan waliin walqabatee uumame immoo yoo ilaalamu kan baay'ina dogoggoraa qubeessu waliigalaan barreeffama barattootaaf dubbifameefii barreeffaman keessatti mul'atan keessaa barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran biratti % 2.2yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 3.1dha. Akkasumas,kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaalluimmoo,barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'ate % 1.9yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiranbiratti immoo % 2.7dha. Kun kan mul'isu dogoggorri hudhaa barreeffamoota barattoonni barreessan keessatti kan mul'atu yammuu ta'u, caalmaatti rakkoon kun barattootaAfaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiranbiratti kan mul'atu ta'uusaa qaaccessi kun mul'iseera.

Dabalees, dogoggora qubeessuu irra-butaaifi hudhaa waliin walqabatee mul'atu ilaalchisee ragaalee ammamtaan taa'an kana akkamtaan bal'inaan ibsuuf jechoota gabatee(7) keessa jiran qaaccessuun akka armaan gadiitti dhiyaateera. Kunis ragaalee walitti qabaman hunda osoo hin taane keessaa filamee bakkabu'aa warra hafaniif akka ta'utti dhiyaate.

4.2.1.4. Dogoggora Qubeewwan Bakka Walbu'uun Walqabatee Mul'atu/Eddeesaa/

Mata-duree kana jalatti dogoggora qubeessuu dhamsagnii dhamjechoonni bakka walbu'uun uumametu qaaceffame. Haaluma kanaan jalqaba gabatee(8) keessatti Caalaatti dhimmicha qabatamaafi ifa taasisuuf dhiyaatan qaccessuun ibsi itti kennameera. Jechoonni kunniinis akka bakka bu'aatti kan dhiyaatanidha. Akkasumas, jechoota gabatee(9) keessatti odeeffannoon ammamtaan dhiyaateetti ibsi itti kennameera.

Gabatee (8). Jechoota dhamsagoonni isaanii bakka walbu'uun ijaaraman

Dogoggora qubeessuu dubbachiisaan bakka walbu'uu		Dogoggora qubeessuudubbifamaan bakka walbu'uu	
Dogoggora	Sirrii	Dogoggora	Sirrii
Ligeen	Lageen	Margaa	Marqaa
mulee	malee	boodha	booda
lakkee	lakkii	dhubbicha	dubbicha
ciraa	ciree		
gasaa	geesse		

Gabatee(8) olii keessatti 'ligeen' kan jedhu yoo ilaalamu qubee /l/ booda bakka dubbachiisaa /a/ /i/ waan galeef hiika dhabsiisee jira. Kanaaf, a' iddootti deebisuun 'lageen' kan jedhu ta'a. Akkasumas, 'mulee' kan jedhu keessatti dubbachiisaan 'u' bakka 'a' waan bu'eef jechicha hiika dhabsiiseera. Akkasumas, kan 'lakkee' jedhu keessatti immoo qubee /k/ booda 'ee'n jiru bakka 'ii' waan bu'eef jechicha hiika dhabsiiseera. Kanaaf bakka 'ee', 'ii' galchuun 'lakkii' kan jedhutti sirreessuudha. Kan 'dedda' jedhu keessatti /d/ booda 'e' jiru bakka 'i' akkasumas dhuma jecha kanaarratti qubee /d/ booda 'a' jiru bakka 'e' waan bu'eef jechicha hiika dhabsiisee jira. Jecha kana keessatti dogoggorri qubeessuu bakka lachanitti mul'atan sirraa'ee yoo barreeffamu 'didde' kan jedhu ta'a.

Dabalees, jecha 'ciraa' jedhu keessatti 'aa' bakka 'ee' bu'e jechuudha. Kun yoo sirraa'u 'ciree' ta'a. Haaluma walfakkaatuun jecha 'gasaa' jedhu keessatti qubeen /g/ booda 'a' bakka 'ee' 'aa' immoo bakka 'e' buusuutu mul'ata. Jechi kun yoo sirraa'ee barreeffamu jecha 'geesse' jedhu ta'a. Walumaagalatti, haala qaaccessa kanarraa argamutti dogoggorri qubeessuu eddeesaan dubbachiisaa baay'inaan rakkoo hiika dhabamsiisuu kan fidu ta'uu agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, dogoggora qubeessuu eddeesaa akkuma dubbachiisaa irratti mul'atu dubbifamaa irrattis ni mul'ata. Akkaataa kanaan ragaalee gabatee (9) keessa jiran irratti qaaccessi itti aanu taasifamee jira. Jechámargaa' jedhu keessatti bakka /q/ /g/'n waan bu'eef jechichi hiika biraa kan lalisaa jedhu kenna. Haala galumsichaatti /q/ bakka buusuun 'marqaa' isa jedhutti sirraa'a. Kariboodha' jedhu keessatti /dh/ bakka /d/ galee jira. Jechicha gara hinbaramneetti fida. Kanaaf, gara 'booda' jedhutti sirreeffama. Jecha 'dhubbicha' jedhu keessatti bakka /d/ 'dh' n waan bu'eef jechichi hiika dhabeessa ta'e. Walumaagalatti qaaccessa kanarraa kan mul'atu dogoggora qubeessuu eddeesaa harki caalaan isaa hiika akka dhabamsiisudha

Gabatee(9). Dogoggora qubeessuu dubbachiisaan bakka walbu'uufi dubbifamaan bakka walbu'u ammaan/ hangaan/ agarsiisu.

Dogoggora qubeessuu dubbachiisaan bakka walbu'uufi dubbifamaan bakka walbu'u	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qabaniifi achi keessaa kan dogoggora qubeessuu dubbachiisaan bakka walbu'uufi dubbifamaan bakka walbu'u waliin walqabate							
	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qaban kan barattootaan dubbifameefii barreeffaman waliigalaa 8,711				Baay'inajechoota dogoggora qubeessuu qaban kan keeyyata barattooni mata duree filatanii barreessan keessatti kan argame waliigalaa 1,289			
	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran waliigalaa 5,973		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 2,738		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran waliigalaa 742		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 547	
	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%
Dogoggora dubbachiisaan bakka walbu'uun uumame	168	2.8	122	4.4	22	3	35	6.4
Dogoggora dubbifamaan bakka walbu'uun uumame	227	3.8	157	5.7	22	3	27	5

Gabatee(9) irraa wanti mul'atu dogoggora qubeessuu dubbachiisaan bakka walbu'uun uumamuufi dubbifamaan bakka walbu'uun mul'atutu ammamtaan taa'e. Haaluma kanaan, dogoggora qubeessuu barreeffama barattootaaf dubbifameefii barreeffaman keessatti mul'atan keessaa dogoggorri dubbachiisaan bakka walbu'uun mul'atu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran biratti % 2.8 yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 4.4dha. Akkasumas,kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaalluimmoo,barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'ate% 3yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 6.4akka ta'e qaaccessa kanarraa hubatameera.

Gama biraatiin,dogoggora qubeessuu dubbifamaanbakka walbu'uun barreeffama barattootaaf dubbifameefii barreeffaman keessatti mul'atan keessaa barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran biratti % 3.8yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 5.7dha. Akkasumas,kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaalluimmoo,barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'ate % 3 yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 5akka ta'e qorannoo kanarraa hubatameera.

Kanarraa kan hubatamu dogoggorri qubeessuu dubbachiisaafi dubbifamaan bakka walbu'an,barr eeffamoota gosa barattoota lamaanii barreeffaman keessatti mul'ateera. Irracaalmaatti dogoggorri kun barattootaAfaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiranbiratti kan mul'atu ta'uusaa qaaccessi kun mul'iseera

Dogoggorri qubeessuu dubbachiisaafi dubbifamaan bakka walbu'uun barreeffamoota barattootaafi barreeffaman lammanirrattuu mul'ateera. Kanuma waliin walqabsiisuun gabatee (9) keessatti dogoggorri qubeessuu jechaan taa'e qaaccessuun rakkoo mul'atu irra caalaa ifa gochuuf yaalameera

4.2.1.5 Dogoggora Qubeessuu Haala Addaan Mul'atu

Mata-duree kan jalatti kan seera qubeessuu afaanichi ittiin sirraa'uu danda'uun ala dogoggoroota ta'antuu qaacceffame. 'Addaan jedhamee mata -dureen kennameefis,akkaatuma

barreeffamicha ragaaleen irraa funaaname ilaaluuniifi haala hawaasni abbaa afanichaa fayyadamuun kan sirreeffamani kennamuuf malee seera afaanichaan kan sirreeffaman miti. Akkasumas kan dubbifamuu hindanda’amnes asuma jalatti qaaceffaman. Qabanni isaa, haala keessa galan sanaan kan beekaman malee qofaatti ilaalanii kana jechuun seera afaanichaan sirreessuun waan cimuu fakkaata. Kanaaf, mata duree kana jalatti qabamuun akka itti aanutti qaaceffamanii jiru.

Gabatee (10). Jechoota dogoggora qubeessuu haala addaan mul’atu/addee/ agarsiisan.

Dogoggora	Sirrii
Badhaature	Badhaatuudha
qableenya uumamaa	qabeenya uumamaa
dhaahqutu	dhaqutu
kanumataan	kanumaan
ducha	dubbicha
hindhotiin	hindhowwatiin
nagafnn	nagafannaan
qinqsafachaa	dinqisifachaa
gaaannaanin	gafannaanin
nyaaanii	nyaatanii
warraa	warraa

Gabatee (10) kana keessatti kan tarreeffamanii jiran yoo ilaalamu kanuma Afaan Oromoo hin taane qubeessuutu mul’ata. Kanneen gabatee armaan olii kana keessa jiran dogoggora qubeessuu seera beekamaa cabsuun uumame osoo hintaane kan kanarraa adda ta’edha. Fakkeenyaaf, ‘badhaature’ kan jechu keessatti kan barbaadame ‘badhaatuudha’ kan jedhu ture. Kanaaf, ‘-re’ kan jedhu bakka {-dha} bu’e yaada odeeffannoo kennaa keessaa qaaccessa kana wajjiin walqabachuu kan danda’u. Dogoggorri yeroo tokko tokko mul’atu waanuma Afaan Oromoo keessa hin jirret’a’. Kun kan dhufu immoo barattoonni tokko tokko shakala yeroo dheeraa dhabuufi xiyyeeffannoo dhabuu irraa kan ka’e gahumsa qubeessuu akka hin qabne mul’isa.

Dabalataanis, kan 'qableenya uumamaa' kan jedhu keessatti 'qableenya' kan jedhu kana yoo ilaallu galumsichaaf kan jechuun barbaadamee 'qabeenya' kan jedhudha. Kanaaf, /l/ keessaa haquun garaqabeenya' isa jedhamutti sirreeffama. Kan 'dhaahqutu' kan jedhu /dha/ dheeressuuniifi/h/ ofuma itti dabaluun kan qubeessame sun seera akka hin qabne ta'ee jira. Rakkoon akkasii kun kan uumamu akka ragaan afaaffii irraa argame mul'isutti yeroo ariitiin barreeffamu dogoggorri akkasii uumamuusaati.

Kana malees, jecha 'kanumataan' kan jedhu 'kanumatan tasa wollolan' kan jedhu keessaa kan fudhatamedha. Akkaataa galumsa barreeffamichaatti yoo ilaallu ganamanu maan' jedhamutti sirreeffama. Rakkoon 'kanumataan' jedhu yeroo ilaalamu { -t-a } haquun garakanumaan' jedhamutti sirreeffama. Karaa biraan, kan 'ducha' kan jedhu 'dubbicha' jechuu barbaadameeti. As keessatti qaama jechichaa kan ta'e birsag'bbi' tu jecha 'du cha' jedhu keessaa hafuun hiika dhabsiise. Dogoggora qubeessuu keessatti haalli birsaga keessaa hanbisuu ni mul'ata (Fergus, 1983). Akkasumas 'hindhotiin' kan jedhu 'waan nyaannu nu hindhotiin' kan jedhu keessaa kan fudhatame ta'ee hiika waan hinqabneef guutummaan ergaa himichaa danqee jira. Dogoggorri mul'ate kun haala waan barreeffame sana waliin walqabsiifamee yoo ilaalamu 'hindhotiin' kan jedhu qaama jechichaa kan ta'e 'wwa''dho' booda galchuun 'hindhowwatiin' kan jedhutti sirreeffama.

Gama biraatiin, dogoggoroota qubeessuu jechichi akka hindubbifamne taasisanis nimul'atu. Fakkeenyaaf, kanuma gabatee (10) keessatti tarreeffaman keessaa nagafnn' kan jedhuufi 'qinqsfachaa' kan jedhu yoo ilaalamu dogoggora qubeessuu akka hindubbifamne taasisu ta'ee argama. Haalli kun akka seera qubeessuu Afaan Oromootti dubbifamaan gosa tokkoos ta'ee garagaraa lamaaf isaa ol ta'ee dhuma jechaa irratti walitti aanee hindhufu. Yoo dubbachiisaan saagame malee dubbifamuus hin danda'amu (Abebe, 2002). Haala galumsa sanaan kan barbaadame 'nagafannaanfi ' 'dinqisifachaa' kan jedhu ture. Haala kanaan, dubbachiisaa barbaachisu saaguufi galchuun dirqamadha.

Gabateema (10) keessatti 'gaaannaanin' kan jedhuufi 'nyaaanii' kan jedhu keessatti dubbachiisaa gosa tokkotu sadii ta'ee walitti aanee qubeeffame. Akka seera qubeessuufaanaachaatti garuu dubbachiisaan gosa tokko lamaa ol walitti aanee hinqubeeffamu. Yoo lamaa ol ta'ee hudhaan yookiin dubbifamaan biraa gidduu seenuu qaba. Haala kanaan, dogoggorri 'gaaannaanin' jedhu kanarra jirus qubee dubbifamaa /f/ keessaa hambisuun dubbachiisaasadii walitti aansuudhaan kan

uumamedha. Jecha kanatti qubee /f/ dabaluun ‘gafannaanin’ kan jedhutti sirreeffama. Dogoggorri ‘nyaaanii’ jedhu immoo qubee dubbifamaa /f/ keessaa hambisuudhaan dubbachiisaa sadii walitti aansuudha. Jechichatti qubee /t/ dabaluun ‘nyaatnii’ kan jedhutti sirreeffama. Dogoggorri kun kan dhufe maaldhibdeefi irra deebi’anii dubbisuu dhabuun dhufe fakkaata (Brown,1994).

Karaa biraatiin, kan‘nggaan’ jedhu ‘nggaan nu oolchi’ jedhu keessaa fu dhatame. Akka seera qubeessuu afaanichaatti dubbifamaan gosa tokkos ta’e adda addaa lamaa ol walitti aanee hinqubeeffamu. Jechi barreeffamuuf yaalame kana keessatti immoo sadii ta’ee dhufe.Kanaaf,qubee dubbachiisaa /a/ saaguun gara ‘nagaan’ jedhutti sirree ssuudha.Akkasumas, kan ‘warrra’ jedhu ‘ haati warrra’ kan jedhu keessaa fudhatame. Kun immoo hiika dhabeessa ta’eera.Jechi barreeffamuuf yaalame kana keessatti immoo dubbifamaan sadii ta’ee dhufe. Kanaaf, kan hin barbaachifne /r/ tokko haquun dubbachiisaa /a/ saaguun gara‘warraa’ jedhutti sirreessuudha.Dogoggorri akkasii deddeebi’ee mul’achuun barattoota Afaan Oromoon barachaa turaniif xiyyeeffannoo dhabuufi barattoota Afaan Amaariffaan barachaa turaniif hubannoo sirreessanii qubeessuu dhabuu calaqqisiisa (Fergus,1983;Brown,1994;Crystal,1987).

Gabatee(11). Dogoggora qubeessuu addee

Dogoggora qubeessuu Addee	Baay’ina jechoota dogoggora qubeessuu qabaniifi achi keessaa kan dogoggora qubeessuu haala addaan mul’atan							
	Baay’ina jechoota dogoggora qubeessuu Qaban kan barattootaan dubbifameefii barreeffaman waliigalaa 8,711				Baay’inajechoota dogoggora qubeessuu qaban kan keeyyata barattoonni mata duree filatanii barreessan keessatti kan argame waliigalaa 1,289			
	Baay’ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran waliigalaa 5,973		Baay’ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 2,738		Baay’ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran waliigalaa 742		Baay’ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 547	
	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%
Dogoggora qubeessuu bifa Addaatiin mul’atan	536	9	263	9.6	58	7.8	46	8.4

Akkuma gabatee (11) olii irraa mul'atutti dogoggorri qubeessuu bifa addaatiin mul'atu dogoggora qubeessuu waliigalaan barreeffama barattootaaf dubbifameefii barreeffaman keessatti mul'atan keessaa barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran biratti % 9 yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 9.6dha. Akkasumas,kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaalluimmoo,barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasanii barachaa jiran keessatti kan mul'ate% 7.8 yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 8.4 akka ta'e qaaccessa kanarraa hubatameera.

Kanarraa kan hubatamu dogoggorri qubeessuu haala addaan mul'atan barreeffamoota gosa barattoota lamaaniiin barreeffaman keessatti mul'ateera. Irracaalmaatti dogoggorri kun barattootaAfaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiranbiratti kan mul'atu ta'uusaa qaaccessi kun mul'iseera.

4.2.1.6. Jecha Tokko Keessatti Dogoggora Gosa Adda Addaa

Dogoggora qubeessuu haala jechumti tokko dogoggoroota lamaafi isaa ol of keessatti qabatutu mul'ata. Isaan kanneenis ragaalee gabatee(12) keessatti dhiyaataniin akka armaan gadiitti qaaceffamanii jiru. Kun addatti kan qaaceffamuun barbaachiseef sababa mataa isaa qaba.Kunis,jechuma tokkotu gosoota dogoggora qubeessuu garagaraa of keessatti qabata.Kanaafuu,gosa dogoggora qubeessuu tokkotti ramadamuuf rakkisaa ta'a. Dabalees, jechuma tokko keessaa dogoggora qubeessuu garagaraatu jira taanaan rakkoon dogoggora qubeessuu hangam cimee akka jiru mul'isa.

Gabatee (12).Dogoggora qubeessuu jechuma tokko keessatti dogoggora gosa garagaraa agarsiisu.

Dogoggora	Sirrii
Umaman	Uumamaan
ishettiittii	isheetiitti
hamanan	hammaannaan
hattii	haati
hiroowan	harowwan
malirati	maalirratti
kesati	keessatti
akkummaa	akkuma
jeetee	jettee
qoophesittee	qopheessite

Gabatee (12) Kana keessatti kafumaman' jedhu kun yoo ilaalamu dogoggora qubeessuu sagalee 'u'fi /m/ dheeressuu dhabuudha. Kun sirreeffamnaan jechi barbaadame sun kan 'uumamaan' jedhutu argama. Fakkeenya 'ishettiittii' kan jedhu kun rakkoo sadii qaba. Kunniinis, 'she' dheeressuu dhabuu, /t/ jechicha gidduu jiru laaffisuu dhabuufi {-tii} kan jedhu gara {-tti} tti fiduu yookiin /t/ dhumarra jiru gabaabsuun 'isheetiitti' akka sirreeffamu ta'a.

Kana malees, 'hamanan' kan jedhu keessatti immoo sagaloota jecha kana ijaaruuf barbaachisan keessaa isa jalqabaa qofatu sirriitti qubeessame. Kun kan agarsiisu akkuma odeeffkennitoonni jedhanitti hubannoon gahumsaan qubeessuu gad bu'adha. As keessatti rakkoolee mul'atan dhamsaga /m/fi /n/ jabeessuufi dheeressuu dhabuudha.Kanaafuu dhamsaga /m/fi /n/ jabeessuufi dheeressuun'hammaannaan' kan jedhamutti sirreeffama. Kan'hattii warraa'jedhu keessaa 'hattii' kan jedhu irratti dogoggori qubeessuu mul'atu /h/ gabaabsuu /t/ jabeessuufi dheeressuudha.Kan jedhamuu barbaadame'haati warraa' kan jedhu ta'a.Jechi 'hiroowan' jedhu yoo ilaalamu'hi' jedhee jalqabe rakkoon as keessatti mul'atu dubbachiisaa 'i' bakka 'a' buusuu,/w/ jabeessuu dha buudha. Kanaafuu jecha 'harowwan' jedhuutti sirraa'uu qaba.

Dabalees, 'malirati' kan jedhu yoo ilaalamu /m/dheeressuu dhabuu /r/fi /t/ jabeessuu dhabuun ni mul'ata. Kunis yeroo sirraa'u 'maalirratti' kan jedhu ta'a. Haaluma walffakkaatuun 'Oromiyaa kesati' kan jedhu keessatti 'kesati' kan jedhu dogoggora qubeessuu /k/ dheeressuu dhabuu, /s/fi /t/ jabeessuu dhabuutu argama. Kanaafuu, 'kessa+ -tti=keessatti' kan jedhu ta'a kun immoo hiika barbaadame sana kenna. As keessatti rakkoo qubeessuu keessaa tokko kan ta'e beekumsa hundee jechaafi fufiisa irratti hanqinni ni mul'ata (Erric, 1976). Jechi 'Akkummaa' jedhus kan 'Akkummaa mana geesseen' jedhu keessaa kan fudhatamedha. Haala galumsa isaa kanaan jechi kun dogoggora qubeeffame. Kunis, /m/ laaffisuufi gabaabsuu dhabuudha. Hikaansaa galumsa isaa kana waliin hindeemu. Sababni isaa, hiikni jecha kana'akkoo ta'uu' yaada jedhu of keessaa qaba. Kunis, 'akkoo + -ummaa=akkummaa' kan jedhudha. Karaa biraan, sababa /m/ laaffisuu dhabuurraa kan ka'e dhamjecha {-ummaa} maqaalee gara maqaa hin mul'anneetti jijjiirutu {-uma} iddoo bu'e kan jedhuunis ibsuun ni danda'ama. Kun haala dogoggorri qubeessuu itti uumamu keessaa tokko kan ta'e, hanqina beekumsa jecha hundee fi dhamjecha fufii yeroosanatti barbaadame adda baafachuu dhabuudha. (Erric, 1970). Jecha 'jeetee' jedhus gaalee 'jeetee deebiste' kan jedhu keessaa kan ba'edha. Iddoo kanatti kan barbaadame 'jeetee' ka jedhu ture. Dogoggorri as keessatti mul'atu {je} qubeessuuf {jee} qubeessuu, {-tte} qubeessuu barbaadee {-tee} qubeessuudha. Kun immoo hanqina ga'umsa beekumsa qubeessuu akka ta'e hubachiisa. Akkasumas, sagalee dheeraafi jabaa akka adda hibaafanne agarsiisa.

Gabatee (12) keessatti 'qoophesittee' kan jedhu keessatti sagaleen sirriin barreeffame tokko iyyuu hin jiru. Rakkooleen jiran, dhamsaga /q/ dheeressuu, /ph/ gabaabsuu, /s/ laaffisuu, /t/ jabeessuu fi dheeressuudha. Kunniin yoo sirraa'u 'qopheessite' kan jedhu ta'a. Jechi qubeeffamuuf yaalame kun baay'ina rakkoolee of keessatti qabaterraan kan ka'e yoo ilaalan Afaan Oromoon kan qubeeffame hinfakkaatu. Haata'u malee, haala galumsichaan kan barbaadame 'qopheessite' kan jedhudha.

Gabatee(13). Jecha tokko keessatti dogoggora gosa adda addaa

Dogoggora qubeessuu Gosa adda addaa	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qabaniifi achi keessaa kan dogoggora qubeessuu haala jecha tokko keessatti dogoggora gosa adda addaa							
	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qaban kan barattootaan dubbifameefii barreeffaman waliigalaa 8,711				Baay'inajechoota dogoggora qubeessuu qaban kan keeyyata barattoonni mata duree filatanii barreessan keessatti kan argame waliigalaa 1,289			
	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran waliigalaa 5,973		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 2,738		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran waliigalaa 742		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 547	
	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%
Jecha tokko keessatti dogoggora qubeessuu gosa adda addaa	775	13	366	13.6	77	10.3	61	11.1

Akkuma gabatee (13) olii irraa mul'utti dogoggorri qubeessuu jecha tokko keessatti dogoggora gosa adda addaa mul'atu dogoggora qubeessuu waliigalaan barreeffama barattootaaf dubbifameefii barreeffaman keessatti mul'atan keessaa barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran biratti % 13yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 13.6dha. Akkasumas,kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaalluimmoo,barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'ate% 10.3yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 11.1akka ta'e qaaccessa kanarraa hubatameera.

Kanarraa kan hubatamu, dogoggorri qubeessuu gosa adda addaa kan gosa barreeffamoota lamaan barattootaan barreeffaman keessatti kan mul'atu yammuu ta'u,barreeffama barattootaafi dubbifameefii barreessan kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan caalee mul'ateera.Akkasumas,dogoggorri qubeessuu gosa adda addaa kan barreeffamoota gosa barattoota lamaaniiin barreeffaman keessatti kan mul'atu yammuu ta'u irracaalmaatti dogoggorri kun barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiranbiratti kan mul'atu ta'uusaa qaacceessi kun mul'iseera.

4.2.1.7.Dogoggora Qubeessuu Qub-Guddeessaa

Dogoggora qubeessuu haala itti fayyadama qub-guddeessaa ilaalchisee bakka guddachuu malutti guddachuu dhabuu akkasumas bakka xiqqachuu qabutti xiqqaachuu dhabuutu mul'ata. Haaluma kanaan jalqaba gabatee(14) keessatti Caalaatti dhimmicha qabatamaafi ifa taasisuuf dhiyaatan qaccessuun ibsi itti kennameera.Jechoonni kunniinis akka bakka bu'aatti kan dhiyaatanidha. Akkasumas,jechoota gabatee(15) keessatti odeeffannoon ammamtaan dhiyaateetti ibsi itti kennameera.

Gabatee (14).Dogoggora qubeessuu qub-guddeessaa.

Guddachuu dhabuu		Xiqqaachuu dhabuu	
Dogoggora	Sirrii	Dogoggora	Sirrii
Ati	Ati	Akka	Akka
haati warraa	Haati warraa	Achumaan	achumaan
erga	Erga	Anis	anis
shaalaa	Shaalaa	Jirruu	jirruu
hawaas	Hawaas	Jette	jette
gibee	Gibee	dhuFtee	dhuftee
mogor	Mogor	deebiFte	deebifte
wabee	Waabee	hoJitii	hojitii
oromiyaa	Oromiyaa	aJaa'iba	ajaa'iba
baatuu	Baatuu	cireeF	cireef
		maaliiF	maaliif

Gabatee (14) Kana keessatti jecha ‘ati’ jedhu kun hima ‘ati haadha warraa koo miti moo?’ jedhu keessaa fudhatame. Akkasumas, gaaleen ‘haati warraa’ jedhu hima ‘haati warraa lolli itti hammannaan...baddee deemte’ jedhu keessaa kan fudhatamedha. Kana malees, ‘erga’ kan jedhu hima ‘erga achi geessee maayeessa fuula guurtee teesse.’ Kan jedhu keessaa kan fudhatame yammuu ta’u hima sadan keessattiyyuu dogoggoruma gosa tokkotu mul’ata. Innis jalqaba himaa irratti qubee guddaa fayyadamuu dhabuudha. Kanaafuu, yeroo sirreeffamee barreeffamu ‘Ati, Haati warraa, Erga’ kan jedhu ta’a. Haaluma walfakatuun gabatee olii keessatti kan tarreeffamanii jiran kanneen akka ‘shaalaa, hawaas, gibee, mogor, waabee, oromiyaa, baatuu’ rakkoolee walfakatan qabu. Kunis, yoo ilaalamu dogoggora qubeessuu jalqaba maqaaleetti qub-guddeessa (qubee guddaa fayyadamuu dhabuudha. Kun immoo seera barreeffama afaanichaa kan eege miti. Kanaafuu, qubeen jalqabaa maqaalee armaan olitti tarreeffamanii qubee guddaatti sirraa’ee barreeffamuu qaba.

Gama biraatiin, barattoonni barreeffama isaanii keessatti akkuma rakkoo qubee guddaatti fayyadamuu qaban; rakkoo itti fayyadama qubee xiqqaas akka qaban qorannoon kun mul’iseera. Jechoota gabatee (14) keessatti akka fakkeenyaatti fudhataman keessaa jechoota akka ‘Akka, Anis, Jirruu, Jette, Achumaan’ jedhaman rakkoo walfakkaataan kan qabanidha. Kunis, jechoonni kun kan fudhataman gidduu himaatiin waan ta’aniif qubee xiqqaadhaan jalqabamuu qabu malee, qubee guddaan jalqabamuu hinqaban. Kun immoo seera afaanichaa kan cabsudha. Kanaafuu, jalqabni jechoota kanaa qubee xiqqaa ta’u qaba. Haaluma walfakkaatuun, jechoonni kanneen akka ‘dhuFtee, deebiFtee, hoJitii, aJaa’iba’ jedhamanis rakkoo walfakkaataa qabu. Kunis, akka seera barreeffama Afaan Oromootti qubee guddaan jecha gidduutti saagamuu hin qabu. Haata’u malee, jechoonni kunneen gidduu jechaatti qubee guddaatiin barreeffamaniiru. Kun immoo, sirrii waan hin taaneef qubee guddaan gidduu gale kun bafamee qubee xiqqaadhaan bakka bu’ee sirreeffamuu qaba. Kana malees, jechoonni gabatuma (14) keessatti tarreeffamanii jiran kanneen akka, ‘cireeF, maaliif’ kan jedhan xumurri isaanii qubee guddaan barreeffamuun isaanii sirrii waan hin taaneef qubee xiqqaatti sirraa’ee barreeffamuu qaba.

Wantoota dandeetti barreessuu barattootaa Afaan Oromoon barachaa jiranfi Afaan Amaaraan barachaa jiran keessatti sababa ta’an kan biroon seerluga afaanichaa eeguun dhabuudha. Barreeffa ma kam keessattuu seerluga eeguun baayyee barbaachisaadha. Sababnisaa seera itti fayyadama gochaa, gartuuwwanbamaqaafi k.k.f sirritti beekuun barbaachisaadha. Afgaaffii barsiisotaarraas

akka hubatametti yammuu abbaltiifi hojiin manaa kennamu seerluga fayyadamuurratti barattoonni rakkoo akka qaban ibsaniiru.

Rakkoon biro hima gaarii ijaaruudhabuudha. Barattoota gosa lachanuu biratti rakkoon kun barreeffama saanii keessatti mul'ateera. Akka seera Afaan Oromootti, himni tokko yoo xiqqaate matimaafi xumura kan qabufi hawaasicha biratti fudhatama kan qabuufi sirna tuqaaleedhaan kan goolabamu ta'usaa Misgaanuu(2011) ni ibsa.

Gabatee(15). Dogoggora qubeessuu qub-guddeessaa

Dogoggora qubeessuu qub-guddeessaa	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qabaniifi achi keessaa kan dogoggora qubeessuu haala dogoggora qubeessuu qub-guddeessaa							
	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu qaban kan barattootaan dubbifameefii barreeffaman waliigalaa 8,711				Baay'inajechoota dogoggora qubeessuu qaban kan keeyyata barattoonni mata duree filatanii barreessan keessatti kan argame waliigalaa 1,289			
	Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran waliigalaa 5,973		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 2,738		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran waliigalaa 742		Baay'ina jechoota dogoggora qubeessuu barattoota Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiran waliigalaa 547	
	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%	Jechoota dogoggoraan qubeeffaman	%
Guddachuu dhabuu	271	4.5	145	5.3	34	4.6	25	4.6
Xiqqaachuu dhabuu	723	12.1	332	12.12	76	10.2	59	10.8

Akkuma gabatee (15) olii irraa mul'utti dogoggorri qubeessuu guddachuudhabuu mul'atu dogoggora qubeessuu waliigalaan barreeffama barattootaaf dubbifameefii barreeffaman keessatti dogoggorri guddachuu dhabuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa

jiran biratti % 4.5 yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 5.3dha. Akkasumas,kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaalluimmoo,barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'ate% 4.6 yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 4.6akka ta'e qaaccessa kanarraa hubatameera.

Haala Kanaan,irra guddeessaan barattoonni gosti lamaanuu barreeffama isaanii keessatti bakka guddachuu qabutti guddisuu dhabuun mul'ateera.Irracaalmaatti dogoggorri kun barattoota Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiranbiratti kan mul'atu ta'uusaa qorannoon kun mul'iseera.

Gama biraatiin,dogoggorri qubeessuu xiqqaachuudhabuu mul'atu dogoggora qubeessuu waliigalaan barreeffama barattootaaf dubbifameefii barreeffaman keessatti dogoggorri guddachuu dhabuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran biratti % 12.1 yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 12.12dha. Akkasumas,kan barattoonni mata duree filatanii keeyyata barreessan keessatti mul'atan yammuu ilaalluimmoo,barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran keessatti kan mul'ate% 10.2yammuu ta'u, kanneen Afaan Amariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jirankeessatti immoo % 10.8akka ta'e qaaccessa kanarraa hubatameera.

Haala Kanaan,irra guddeessaan barattoonni gosti lamaanuu barreeffama isaanii keessatti bakka xiqqaachuu qabutti xiqqeessuu dhabuun mul'ateera. Irracaalmaatti dogoggorri kun barattootaAmariffaan barachaa turanii amma Afaan Oromootiin barachaa jiranbiratti kan mul'atu ta'uusaa qaaceessi kun mul'iseera.

Hanqinni barattoota biratti mul'ate kan biroon yaada haala gaariin maddisisuu dhabuudha.Kunis, keeyyata akka fakkeenyaatti duddubatti maxxanfamera hubachuun ni dandaa'ama. Hayyuun Nunan(1991)akka ibsetti,barreessuun kan ulfaatuuf namni baay'een qulqullina barreeffamichaaf kan dhiphatan ta'us yaada maddisifachuuf xiyyeeffannoo hin kennan jedhu. Akkasumas, amaloota keeyyata gaarii ilaalchisee keeyyata barattoonni barreessan akka kanaa gaditti xiinxalameera.

Dogoggora keeyyata barattootaan mul'atan								
Baay'ina	Tokkummaa		Walta'iinsa		Xiyyeeffannoo		Guutummaa	
	Dogoggora	%	Dogoggora	%	Dogoggora	%	Dogoggora	%
	22	21	26	24.76	27	25.71	20	19.04

Akka gabatee armaan oliirraa hubatamutti keeyyata barattoonni barreessan keessaa %21 hanqina tokkummaa kan qabu ta'uu,%24.76 immoo hanqina walta'insaa kan qabu ta'u, akkasumas, %25.71 hanqina xiyyeeffannoo akka qabu % 19.04 hanqina guutummaa akka qabu nutti mul'isa.Kanaafuu barattoota kana bira hanqinni amala keeyyattoota gaarii akka mul'atu qorannoo kannarraa hubanneerra.

Ga'umsa dandeettii barreessuu barattootaa keessatti wanti rakkoo ta'u kan biraan walqabatiinsa yaadaa eeguudhabuudha. Barreeffamni walqabatiinsa yaadaa qabu tokko,haalli duraaduuba himootaafi dhangala'iinsa yaada himootaa akkasumas,walitti hidhatiinsa walqabsiistuun yoo jiratanidha. Haata'u malee barattoonni Afaan Oromoon barachaa jiraniis ta'ee,kan Afaan Amaaraan barachaa turanii amma Afaan Oromoon barachaa jiran hanqinni isaanii walhacaalu malee rakkoo walqabatiinsa yaadaa akka qaban qaaccessarraa hubatameera.Yaadi odeefkennitootas yaaduma kana cimsa.

Barreeffama keessatti wantoonni mul'atu keessaa tokko jecha filatamutti fayyadamuu dhabuudha.Dandeetti barreessuu haala ga'umsa qabuun horachuuf filannoo jechootaa beekuun barattootaaf barbaachisaadha. Beekan (2015:200)yammuu ibsu....Barataan dandeettii jechoota gahaa ta'e hin qabne yaada isaa ibsachuufi yaada biraa irratti rakkootu isa mudata Beekan (2015:200).

Haaluma walfakkaatuun, rakkoon koorniyaa,danominaa,ramaddii jijjiiruu,walqabsiistuu dagachuufi jecharraa adda baasanii barreessuu,haquu,irra deddeebiifi kkfn ni mul'atu.

Fakkeenyaaf, ‘‘anis achumaan dhisee baqate’’

‘‘maataatee dhufte jedhee gaafatte’’

‘‘cireef marqaa marqee osoo nyaachaa jiruu.....dide’’

‘haati warraa abba awarraa’

‘haati warraafi abbaan osoo waliin karaa deemuu’

‘kun ajaa’iba jedhee jedhee tasa wallolan’

Fakkeenyi armaan olitti ibsaman dogoggora barreeffama barattoonni barreessan keessatti kan mul’ate yammuu ta’u, sirreeffamee yeroo barreeffamu immoo:-

‘anis achumaan dhisee baqadhe’

‘maal taatee dhufte jedhee gaafatte’

‘cireef marqaa marqee osoo nyaachaa jiruu.....dide’

‘haati warraafi abbaan warraa’

‘haati warraafi abbaan warraa osoo waliin karaa deemanuu’

‘kun ajaa’iba!maaliif na hingaphiitu?’ kan jedhu ta’a.

4.2.2.Itti Fayyadama Sirna Tuqaalee

Kutaa kana jalatti dogoggora sirna tuqaalee barreeffama barattoonni barreessan keessatti xiinxalametu ilaalame.

Gabatee (16) kun akkaataa barattoonni sirna tuqaalee barreeffama dhiyaateef keessatti fayyadaman kan mul’isudha.

Gosa sirna tuqaalee	Baay’ina barruu	Baay’ina sirna tuqaalee kan barruu tokkoo	Baay’ina sirna tuqaalee kan waliigalaa	Baayina dogoggoraa sirna tuqaalee kan waliigalaa	Baayina dogoggoraa sirna tuqaalee giddugaleessaan /tokko/	Dogoggora dhibbeentaa n (%)
Tuqaa	105	19	1995	743	7.08	37.24
Qoodduu	105	32	3360	1984	18.9	59.04
Gaaffii	105	5	315	211	2.01	66.9
Waraabbii	105	1	105	89	0.85	84.76
Raajiffannoo	105	11	1155	788	7.5	68.22

Akkuma gabatee kanaa oliirraa hubachuun danda'amutti jalqaba gosoota sirna tuqaalee barruu tokko keessa jiran gosa gosaan lakka'amanii adda bafaman, kana booda baay'ina barruutiin baayifamuun kan waliigalaa ka'ame. Sababnisaa barreeffama barattootaan barreeffaman waan walfakkaatuuf kanaan booda baay'inni dogoggoraa waliigalaafi giddugaleessaa dhibbaan baayyachuun baay'ina sirna tuqaalee waliigalaafi giddugaleessaatiif hiramuu dhibbantaadhaan ka'amaniiru.kana jechuunis:-

Baayina dogoggoraa sirna tuqaalee kan waliigalaa X 100

Baay'ina sirna tuqaalee kan waliigalaa

Bu'uuruma sirna tuqaalee gasa gosaan qaaceffaman keessaa tuq-tokkeen barruu tokko keessatti argaman kudha sagal (19) yammuu ta'an, akka waliigalaattimmoo 1995 tu jira. Kana keessaa kan dogoggoraman 743 yoo ta'u dhibbantaadhaan (%) 37.24 dogoggora ta'uusaanii qorannoon kun mul'iseera. Akkasumas qoodduun barruu tokko keessatti argamu 32 yammuu ta'an, akka waliigalaattimmoo 3360 dha. Kana keessaa kan dogoggoraman 1984 yoo ta'u dhibbantaadhaan (%) 59.04 ta'a. Kana malees, mallattoo gaaffii barruu tokko keessatti argamu shan (5) yammuu ta'an, kan waliigalaammoo 315 dha. Kana keessaa kan dogoggoraman 211 yoo ta'u, dogoggorri dhibbantaadhaan (%) 66.9 ta'ee mul'ateera. Haaluma walfakkaatuun, Warabbiin barruu tokko keessa jiru 11 yammuu ta'an, akka waliigalaatti 1155 dha. Kana keessaa kan dogoggoraman 788 yoo ta'u, dogoggorri dhibbantaadhaan (%) 68.22 ta'a. Kan Raajiffannoos fudhannee yoo ilaallu kan barruu tokko keessatti argamu 1 yammuu ta'u akka waliigalaatti 105 dha. Kana keessaa kan dogoggoraman 89 yoo ta'u, dogoggorri dhibbantaadhaan (%) 84.76 ta'uu isaa qorannoon kun ni mul'isa.

Akkuma bu'aa ragaalee kanaa oliirraa hubachuun danda'amutti gosoota sirna tuqaalee caqasaman haala itti fayyadama barattootaa wajjiin walbira qabnee yoo ilaallu, jalqabarratti irra caalaa kan barattoonni itti fayyadaman Tuq tokkee /tuqaa tokko/ yammuu ta'u, qoodduu, mallattoo gaaffii, waraabbiifi raajiffannoo barattoonni sadarkaa lammaffaati hanaga shanaffaatti duraa duubaan kan itti fayyadaman ta'uusaanii qorannoon kun mul'iseera. Bu'uuruma kanaan tuq-tokkee irraa kan hafe, sirna tuqaalee kanneen hafan hundarratti dogoggorri mul'ate % 50 ol waan ta'eef rakkoon /hanqinni/ itti fayyadama sirna tuqaalee kun bal'inaan mul'ateera. Af -gaaffiifi

bar-gaaffiin barsiisotaafi barattootarraa argamanis kanuma cimsu.Kun immoo ergaan darbuu malu osoo hin darbiin hafa jechuudha.

Kanatti ansuudhaan immoo,hanqina itti fayyadama sirna tuqaalee barattoonni barreeffama barreessan keessatti mul'isan muraasa akka fakkeenyaatti ragaadhaaf dhiyeessuun yaalameera. Himoota barreeffamicha keessatti argaman keessaa itti fayyadama hanqina sirna tuqaalee ta'ee ifatti mul'atan qofa kan ibsamuuf yaalamedha. Sababni isaa hima tokko keessatti dogoggorri adda addaa mul'achuu waan danda'uuf. Rakkoo itti fayyadama sirna tuqaalee barreeffama barattootaa barreeffame keessatti mul'ate.

4.2.2.1 Hanqina Itti Fayyadama Tuqaa Tokkoo (.)

1. "Gara mana abaa isheetiti bade.deemte.

2.....uumamaan badhaatu.dha.lageen.bonaaganna yaa'an kanneen akka Mogor.

3. "Achumaan tasa wololan

Bu'uuruma fakkeenyaata armaan olitti caqasaman kanneen barreeffama barattoonni barreessan keessaa kan fudhatame yammuu ta'u, hanqina seerlugasaa dhiisnee yammuu ilaallu,inni jalqabaa bakka tuqaan kamiyyuu galuu hinqabnetti galuudhaan tajaajila xumuraa kenne. Hima lammaffaa, yoo fudhanne bakka qoodduun galu tuqaan tokko galuudhaan tajaajile. Akkasumas,isa sadaffaa yammuu ilaallu, xumurarratti tuqaa tokko hinfayyadamne. Kun kan agarsiisu barattoonni itti fayyadama sirna tuqaalee kanaaf xiyyeeffannoo kennudhabuufi wallaluurran kan ka'e ta'uusanii qorannichi ni mul'isa. Odeeffannoo kanuma dhugoomsaniiru. Kanaafuu haala kanaa gadiitti sirreeffamuu qaba.

1.Garamana abbaa isheetitti baddee deemte.

2.....uumamaan badhaatuudha.Lageen bonaa ganna yaa'an kanneen akka;Mogor,Gibee.....

3.Achumaan tasa wallolan.

4.2.2.2 Hanqina Itti Fayyadama Qoodduu (.)

1.Harowwan akka wacii laangaanoo shaalaafi dambalii(ziwaay) faan Oromiyaa keessatti argamu

2. ‘‘Nagaan nu oolchi waanyaannu nu hidhowwatiin’’ jedhee waaqa kadhate

Himoonni akka fakkeenyaatti dhiyaatan kana keessatti bakka qoodduun galuu qabutti osoo hin galiin hafeera. Kanaafuu bakka maqaan walfakkaatan walitti aananii dhufanitti qoodduu fayyadamuun akka armaan gadiitti sirraa’uu qaba.

1.Harowwan akka Wancii,Laangaanoo,Shaalaafi Dambal (Ziwaay)faan Oromiyaa keessatti argamu.

2. ‘‘Nagaan nu oolchi, waanyaannu nundhowwatiin,’’ jedhee Waaqa kadhate.

4.2.2.3 Hanqina Itti Fayyadama Mallattoo Gaaffii (?)

‘‘Harka waciitii dhaqumoo miilla wancii dhaqutu caala’’.

Ati haadha warraa koo miti moo.

Maaliif na hingaaph’itu

Himoonni armaan olitti akka fakkeenyaatti ibsaman hanqina itti fayyadama mallattoo gaaffii kan qabanidha.Isaanis,hima jalqabaafi lammaffaarratti tuq –tokkee kan fayyadaman yammuu ta’u, hima sadaffarrattimmoo tuqaa kamiinuu hinfayyadamne.Kunimmoo himicha hima himaamsa taa sisa.Sababnisaa hanqina haala galumsa sirna tuqaalee wallaaluurraan kandhufedha. Kanaafuu,himoota kanaa olitti caqasaman dhumarratti mallattoo gaaffii galchuun akka armaan gadiitti sirreessuun barbaachisaadha.

‘‘...harka waciitii dhaqumoo miilla wancii dhaqutu caala?’’

‘‘Ati haadha warraa koo miti moo?’’

‘‘Maaliif na hingaaphiitu?’’

4.2.2.4 Hanqina Itti Fayyadama Mallattoo Waraabbii(“”)

Abbaa warraa kootiin walloleen dhufe jettee deebifte

Maalli ‘‘ intalo maal taatee dhuftee’’

‘‘ Haati warraa,atis nahingapha’iin,anis si hingapha’u, ’’jettee didde.

Himoonni kanneen barreeffamicha keessatti yaada nama biraa ta’uu isaa mul’isuuf kan waraabiitti fayyadamuun barreeffame ture. Haata’u malee iddattoonni yammuu barreessan sirrii

tti hinfayyadamne. Kan tasa hinfayyadamnes ni mul'ata. Bu'uuruma kanaan, hima jalqabaarrattisirnatuqaa kan hinfayyadamne yammuu ta'u, hima lammataarratti jecha silaa waraabbii keessa galuu malu bakkeetti anbiisuun isa kaanitti fayyadamuun isaanii mul'isa. Hima sadaffarratti immoo, kan waraabbii keessa galuu hinqabne itti dabaluuudhaan waraabbii keessa galchaniitti fayyadamusaanii qorannoon kun mul'iseera. Kanaafuu haala armaan gadiitti sirreeffameera.

“Abbaa warraa kootiin walloleen dhufe,” jettee deebifte.

“Maalli intalo, maal taatee dhuftee?”

Haati warraa, “atis nahingapha’iin, anis si hingapha’u,” jettee didde.

4.2.2.5 Hanqina Itti Fayyadama Mallattoo Raajiffannoo (!)

Kun ajaa’iba maaliif na hingaaphitu

Kun ajaaba maaliif na hingaaphitu

Kun ajaaba maaliif na hingaaph’itu!

Himoonni kanaa olitti tarreeffaman hanqina itti fayyadama raajiffannoo mul’isanidha. Bu’uuruma kanaan, himni tokkoffaan osoo hin fayyadamni qubeeffameera. Hima lammaffaarrattimmoo, bakka waraabbii tuqaa fayyadamaniiru. Hima sadaffarrattimmoo, bakka malee mallattoo waraabbii fayyadamuutu mul’ata. Kun immoo hanqina ga’umsa itti fayyadama sirna tuqaalee akka jiru ibsa. Kanaaf haala kanaan gadiitti sirreeffameera.

“Kun ajaa’iba! maaliif na hingaaphiitu?”

4.3 Qaaccessa Af-gaaffii Barsiisotaa

Milkaa’ina qorannoo kanaatiif qorattuun qaamota adda addaarraa raga funaannatteetti. Kanneen keessaa tokko barsiisota Mana barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruuti. Barsiisonni kunis, haaluma gaafatamaniin yaadasaanii akka armaan gadiitti ibsaniiru.

Barattoonni Mana barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii barreessuu ilaalchisee hanqina kan qabaniifi gosoonni hanqinoota kanneens kan akka, qubeessuu, dheeressuu dhabuufi gabaabsuu dhabuu, laaffisuufi jabeessuu dhabuu, hudhaafi irra-

butaa sirritti fayyadamuu dhabuu,qubguddeessaa,haquu,saaguufi kan kana fakkaatan akka ta'e af-gaaffii kanarraa hubachuun danda'ameera.

Maddi rakkoo kanaa maal ta'uu akka danda'u yammuu ibsan ,barattoonni hedduun isaanii Afaan Amariffaan waan barachaa dhufaniif yeroo ammaa kana gufuu guddaatti danquurra darbee, haalli isaan keessa jiraatan, mana barumsaa isaan keessatti barachaa turan,naannoon irraa dhufaniifi afaan isaan ittiin barachaa turan ,qabiyyeen kitaaba barnoota Afaan Oromoo dandeetti barreessuurratti kan hin xiyyeeffanne ta'uu,hubannoo beekumsa dhabuufi xiyyeeffannoo kennuudhabuun akka madda rakkootti ibsaniiru. Kana malees,barattoonni fedhii shaakaluu qaban akkuma jiran, kan fedhii hin qabne waan jiraniif akka madda rakkootti lafa ka'aniiru.

Miidhaan hanqina dandeettii ga'umsa barreessuu kanaan dhufus kanneen akka,hiika jechaa jijjiiruu,ergaa darburratti rakkoo uumuu,guddina barreeffama afaanichaarratti,seera barreeffamichaa cabsuurratti ,hawaasa biratti fudhatama nama dhabsiisuufi kan kana fakkaatan akka danda'u qaaccessa kanarraa hubatameera.

Kana furuuf immoo ga'een barsiisaa,barataa,maatii barataa,akkasumas mana barumsaa baayyee ol aanaa akka ta'eef,barsiisaan tooftalee dandeettii barreessuu adda addaa fayyadamuun barattootasaa adda baasuun akka shaakalan gochuu akka qabuufi barataanis, tooftaa kanneenitti fayyadamee shaakala walirraa hincinne yoo godhe. Akkasumas,maatiin barattootaa mana barumsaa wajjiin walitti dhufeenya uumun rakkoo hiikuu akka qabaniifi manni barumsaa mana kitaabaa osoo qopheessee rakkoon isaanii furamuu akka danda'u lafa ka'aniiru.

4.4. Qaaccessa Af-gaaffii Barattootaa

Akka yaada qaaccessa afaaffii barattootaa irraa hubatamametti barattoonni hedduun hanqina qubeessuu,tuqeessuu,qubguddeessa seerlugafi kkf qabaachuu ibsuun,Sirna tuqaalee fayyadamuurratti garuu hanqinni mul'atu xiqqaa akka ta,etti kaasaniiru. Maddi hanqinichaammoo barattoonni Afaan Amaaraan barachaa turan barreessuu irratti akka rakkatan, kanneen Afaan Oromoon barachaa turanis hedduun isaanii naannoo isaan keessa jirataniifi hiriyyottan waliin ba'anii galan Afaan Amaariffaa waan hasa'aniif barreessuu irratti dhiibbaa mataasaa akka qabufishaakala walirra hincinne gochuudhiisuufi k.k.f akka ta'e ibsaniiru.

Rakkon kun immoo ergaa darbuu malu hambisuu akka danda'uufi barattoonni ofitti amantaa akka hin horanne akka taasisu addeessaniiru. Shaakalli barsiisaan daree keessatti dandeettii barreessuu ilaalchisee kennamu ga'aa kan hintaanefi duubdeebiin ga'aan akka isaanii hin kannamne ibsaniiru.

Akka furmaataatti wanti isaan ka'an yeroo hunda shaakaluu akka qabaniifi xiyyeeffannoo itti kennuu akka qaban ibsaniiru. Akkasumas, shaakalliin barsiisonni kennan ga'aa waan hin taaneef barsiisonni keenya xiyyeeffannoo guddaa kennuun irra deddeebiin osoo nu shakalsiisuun duubdeebii kennanii gaariidha jechuun yaada isaanii ibsaniiru.

Walumaa galattii xiinxala ga'umsaa danddeettii barreessuu barattoota mana barumsaa Jeneraal Taddasaa Birruu ilaalchisee qaaccessa armaan olitti taasifame kanarraa wanti mul'atu hanqinniga'umsa dandeettii barreessuu jiraachuufi dogoggorri qubeessuu barattoota kanneenii baay'ee cimaafi furmaata atattamaa kan barbaadu ta'uudha. Sababni isaa, jechuma tokko keessatti dogoggora qubeessuu kanneen akka dheerachuufi gabaabbachuu dhabuu jabaachuu laafuu dhabuu, irra butaa, hudhaa, sagalee dubbachiistuufi dubbifamaa bakka walbuusuu, itti fayyadama qu-guddeessaa, sirna tuqaaleetti sirritti fayyadamuu dhabuu, hanqina seerlugaa, hima gaarii ijaaruudhabuu, yadaaburqisiisuu dhabuu, jecha filatamatti fayyadamuu dhabuu saala, ramaddii jijjiiruufik. k f tu mul'atu. Akkasumas, sagaleema tokko irratti yeroo itti dogoggorri qubeessuu lama ta'ee irratti mul'atu qaaccessa kanarraa arguun danda'amee jira. Dabalees, jechi tokko yoo qubeeffamu guutimmaamatti sagaloonni jecha sana ijaaran hundi dogoggora ta'uunis mul'atee jira. Haaluma kanaan, waliigala barreeffama barattoota sakatta'aman keessaa dogoggora qubeessuu 10,000 jechootarratti mul'ate keessaa dheeressuudhabuun 1899, gabaabsuudhabuu 1242, jabeessuudhabuun 1030, laaffisuudhabuu 397, irra buta 242, haalaaddaa 644, eddeesaa 1097, dogoggorri qubeessuu hudhaa irratti mul'atu 281, dogoggora qubeessuu jechuma tokko keessatti dogoggora gosa garagaraa 1489, dogoggora qubguddeessaa 1679 ta'a. Kanarraa kan hubatamu, dogoggorri qubeessuu hunda caalee mul'atudheeressuu dhabuun 1899 dhabuu ta'a. Warra hafan immoo tartiibaan guddaa irraa gara xiqqaatti yoo kaa'amandogoggora qubguddeessaa 1679, dogoggora qubeessuu jechuma tokko keessatti dogoggora gosa garagaraa 1449, gabaabsuu dhabuu 1242, eddeesaa 1097, jabeessuu dhabuun 1030, haala addaa 644, laaffisuu dhabuu 397, dogoggorri qubeessuu hudhaa irratti mul'atu 281, irra-butaa 242, kan mul'atu ta'a.

Akkasumas,yaadi madda raga af-gaffiin barsiisotaafi barattootarraa argame hedduunsaa yada kana kan cimsudha. Seera barreeffamaa eeganii barreessuu ilaalchisee,barataarras ta'ee barsiisaarra ragaan argamee hanqinni akka jiru kan mullisu yammuu ta'u,gamabarattootaatiin, sirna tuqaalee darbee darbee akka mul'tu ibsaniiru. Haata'u malee qaaccessi raga qormaataafi af-gaaffii barsiisotaarra mullatuutti rakkoon ittifayyadama sirna tuqaalee iddoo olaana akka qabu mul'seera.

Gama biraatiin rakkoowwan adda addaa keeyyattoota barattoonni barreessan keessattis ta'ee barreeffama barattootaaf dubbifameefii barreessan keessatti mul'ataniiru. Garaagarummaan rakkoo ga'umsaan barreessuu barreeffama barattootaaf dubbifameefii barreessanfi kan ofii isaaniitii mata duree filatanii barreessan keessatti mul'atu yammuu ilaallu, dubbisa dhaggeeffatanii barreessan keessatti dogoggora irra utaaluu,haquufi saaguu ykn addee,sirna tuqaaleetti fayyadamuu dhabuufi kkf irraguddeessaan kan mul'atan yoo ta'u,kanneen jabaachuu ,laafuu,dheerachuu, gabaabbachuufi kkf irratti dogoggorri isaanii kan mata duree filatanii barrees saniirra xiqqaadhachuu isaa hubatameera. Akkasumas,keeyyata ofii barreessan keessatti dogoggoronni bal'inaan mul'atan jecha alagaatti fayyadamuu,dubbifamaafi dubbachiisaa bakka malee fayyadamuufi kkf mul'ateera.

Gama biraatiin,hanqina seera afaanichaa eeganii ga'umsaan barreessuu dhabuu barattoota gasa lachanuu yammuu ilaallu irra caalaatti barattoonni Afaan Amaaraan barachaa turanii yeroo ammaa Afaan Oromoo n barachaa jiran irratti irra caalaan kan mul'atu ta'ullee kanneen Afaan Oromoon barachaa jiran irrattis bay'inaan kan mul'atu ta'uu isaa qaaces kun mul'iseera.

Boqonnaa Shan: Cuunfaa,Argannoofi Yaada Furmaataa

5.1. Cuunfaa

Qorannoonkun boqonnaa shanitti qoodamuun kan dhiyaatedha.Haaluma kanaan boqonnaa tokko ariirrata jalatti Afaan Oromoo ilaalchisee bal'inaan dubbatamuutiin Ardii Afrikaatti Afaan Hawusaafi Arabaatti aansee sadarkaa sadaffaarratti argama.Haata'u malee,idileen afaan barreeffamaa kan ta'e jaarraa tokko hinguutu.Ka'umsi qorannoo kanaas rakkoo dandeetti ga'umsa barreessuu Afaan Oromoo barattoota kutaa 8ffaa keessatti mul'atu xiyyeeffachuun gaggeeffamee jira.

Kana malees, kaayyoon qorannichaa dandeetti ga'umsa barreessuu Afaan Oromoo barattoota kutaa 8ffaa irratti mul'atan adda baasuufi miidhaa isaan fidan kaa'uun furmaata eeruudha.Fayidaa,daangaafi hanqinni qorannichaa as jalatti qabamanii jiru. Akkasumas,sakatta'a barruu qorannichaafi qorannoowwan kanaan dura dhimma kana waliin walqabatan tartiiba isaanii eeggachuun ibsamani jiru. Boqonnaa sadii jalatti mala qorannichaa jalatti saxaxa qorannichaaf ibsa kan fayyadame yoo ta'u, mala akkamtaa caalatti kan fayyadame ta'ee ammamtaanis fayyadamee jira.Iddattoonni isaas barattoota mana barumsaa Janaraal Taaddasaa B irruu Afaan Oromoo kutaa 8ffaafi barsiisota Afaan Oromoo barsiisandha.Ragaaleen qorannichaa f barbaachisan karaa qormaataa,afgaaffiifi bargaaffii sakatta'uun kan funaanamanidha.Dabalees, ragaaleen funaanama adeemsuma qaaccessa dandeetti ga'umsa barreessuu hordofuun garee gareetti qoodamanii qaaceffamuun ibsi itti kenname. Boqonnaa afur jalatti immoo ragaaleen funaanaman akkatuma adeemsa isaanii taa'een qaaceffamuun ibsi itti kennamee jira..

5.2. Argannoo Qorannichaa

Barattoonni seera barreeffama Afaan Oromoo eegani barreessuu ilaalchisee hanqina akka qaban ragaalee qorannichaaf funaanman irratti qaaccessa taasifameen argannoowwan adda addaa mul'atanii jiru. Hanqinni ga'umsa qubeessuu kanneen akka laaffisuu dhabuu,jabeessuu dhabuu,gabaabsuu dhabuu, dheeressuu dhabuu;Irra-buta isa ture dubbachiisaa saaguu,isa irra-buta hintaane ofumaan irra-buta taasisuu,irra-buta irratti jabeessuu qorannichi agarsiisee jira.Akkasumas, mallattoo hudhaa mallattoo adda addaan bakka buusuu,dubbifamaa jalqabaafi dhuma jechaarratti lamaafi isaa ol gochuu,gidduu jachaarrattis sadiifi isaa ol taasisanii qubeessuu,dubbachiisaa tokko dubbachiisaa biraan bakka buusuu,dubbifamaa tokko dubbifamaa

biraan bakka buusuu,Jabaachuu,laafuu,gabaabbachuu dhabuu,qubee guddaan bakka guddachuu qabuutti xiqqaachuu bakka xiqqaachuu qabuutti immoo guddachuunakka mul'atu ragaaleen qaacceedhaman calaqqisiisanii jiru. Akkasumas,sirna tuqaalee fayyadamuu dhabuufi iddoo malee fayyadamuun qorannoo kana keessatti mul'ateera. Dogoggorri qubeessuu dheerachuu dhabuu hunda caalaa kan bal'inaan mul'atu yoo ta'u dogoggora qub guddeessaa,dogoggora gosa garagaraa, gabaabsuu dhabuu,eddeesaa, jabeessuu dhabuun,haala addaa,laaffisuu dhabuu,dogoggorri qubeessuu hudhaa irratti mul'atufi irra-butatartiiba guddaatii gara xiqqaatti tarreeffamanii argaman ta'u.

Maddi ga'umsaan barreessuu dhabuu barattootaqorannoo kana keessatti adda bafamaniiru. Kanneenis,barattoonni afaan amaariffaatiin barachaa turanseera barreeffama afaanichaa beekuu dhabuufi kanneen afaanichaan barachaa dhufanis xiyyeeffannoo ittii kennuudhabuu,xiyyeeffannoo itti kennuun qubeessuu dhabuu,waan barreessu sana barreessen fixaaf hariitiin qubeessuu,beekumsa afaan biraa keessatti qaban Afaan Oromoo keessatti fayyadamuu,irra deebi'anii dubbisuun sirrii qubeessuufi dhiisuu mirkaneeffachuu dhabuu,sirriin qubeessuu dadhabuufi jecha sammuu isaanii keessatti yaadan sana haalaan gadbaasanii qubeessuu dhabuu,qabiyyeen kitaaba barataa kutaa 8ffaa kun ga'umsa qubeessuu barattoota kanaa gonfachiisuuf gahaa ta'uudhabuu,barattoonni jechoota yoo barreessanis galumsa jechootaa eeganii akka galumsicha waliin walsimatu taasisanii barreessuu dhabuuakka ta'e qaaccessa taasifamerraa hubachuun danda'ameera.kunis,jechichi galumsa keessa jiru sana waliin walhinsimne taanaan akka jechaatti sirrii ta'us,galumsa sana waliin walhinsimne waan ta'eef akka dogoggoraatti fudhatama.

Ga'umsi dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiraniifi kanneen Afaan Amaraan barachaa turanii yeroo ammaa Afaan Oromoon barachaa jiran walbira qabuun ilaalamerraa akka hubatamutti rakkoon qubeessuu irra guddeessaan kan mul'atu barattoota Afaan Amaaraan barachaa turan ta'ullee barattoota Afaan Oromoon barachaa jiran birattis hedduminaan kan mul'atudha. Keessumattuu, hanqinni dhamsaga dheeressuu dhabuufi jabeessuu dhabuu irra caalaan kan mul'atu barattootaAfaan Amaraan barachaa turan biratti yammuu ta'u, rakkoon gabaabsuu dhabuufi laaffisuu dhabuu immoo irra jireessaan barattoota Afaan Oromoon jalqabaa kaasani barachaa jiran biratti mul'ata.

Miidhaan qulqullinaan yookiin ga'umsaa barreessuu dhabuu argannoo kanaan adda baffamaniiru .Isaanis,kanneen akka miidhaa hiika jechaa jijjiiruu,hiika dhabsiisuu,ergaa himichaa yookaan yaada barreeffamichaa addaan kutuu,haala qubeessuu afaanichaa jallisuu,seera qubeessuu afaanichaa raafamaa(inconsistency) gochuu yaaluu,dogoggora qubeessuu irraa kan ka'e saala jijjiiruun,ramaddii jijjiiruun, danuu kan ture qeenxee taasisuun qaaccessa geggeeffame keessatti haalan mul'atee jira.

Tooftaa itti fayyadama dandeettii barreessuu adda addaa fayyadamuun barattooni ga'umsa isaanii cimisan carraa bal'aa kenna.Haata'u malee argannoo af-gaaffii barsiisaafi barataa irraa akka hubatametti dandeettiin kun xiyyeeffannaa cimaan waan hin kennamneef tooftalee kanneen akka gochaalee fakkiin mul'isan,yaada ijoo irra deebi'anii barreessuun,dubbisa jijjiiruufi kan kana fakkaatan shakalsiisuun dagatamanii jiru. Kun immoo barattooni dandeettii isaanii fooyyessuuf tattaaffii godhan keessatti carraa barachuu isaanii kan xiqqeessuu isaanii qor ataan mirkaneeffateera;Barattoota adda baasanii kanneen hanqina barreessuu olaanaa qaban tooftaa adda baasanii soroorsuutti fayyadamuu dhabuu mul'ateera.

5.3. Yaada Furmaataa

Qorannichi kaayyoo qabatee ka'e galma geessisuun rakkolee mul'atan adda baasee kaa'ee jira.Kanneen irratti hundaa'uun yaadota furmaata ta'uu maluskennamee jira.kunis,Afaan tokko afaan barreeffamaa ta'ee jira taanaan seera qubeessuu mataa isaa qaba. Afaan Oromoos qubeessuurratti seera mataa isaa qaba. Kanaafuu,hanqinoota seera barreeffamaa eeganii barreessuu dhabuu mul'ate kana adda baasanii beekuun itti karoorsanii shaakala walirraa hincinne gochuun ga'umsa dandeetti kana horachuun barbaachisaadha. Kana gonfachuuf immoo xiyyeeffannoon barachuufi sirritti irradeddeebiin shakaluun murteessaadha. Akkasumas,Barattooni yeroo barreeffama barreessan irra deebi'anii suutaan dubbisuun waan barreeffame sana qube e sirriin qubeeffamuu isaa mirkaneeffachuudha. Suutaan dubbisuun kunis iji keenyaafi sammuu keenya tokkoon tokkoon qubee akka ilaaluuf gargaara;

Madda hanqinoota mul'ataniif yaadi furmaataa ka'ameera. Isaanis,Barattooni yeroo barreeffama barreessan beekumsa afaan biraa keessatti qaban Afaan Oromoo keessatti fayyadamuu dhiisuu,irra deebi'anii dubbisuun seera afaanichaa eeganii sirriitti qubeessuu isaanii mirkaneeffachuu,yeroo barreeffama barreessan jecha sammuu isaanii keessatti yaadan sana

haalaan gadbaasani sirriitti qubeessuufi hiika ergaa barbaadame sana akka hinfallessinef haala galumsa jechichatti fayyadamuu, yeroo hundaa ga'umsa dandeetti barreessuu isaanii fooyyessuuf hojjechuu,kitaabilee dandeetti barreessuu isaaniicimsan dubbisuu, barreessaa cimaafi dorgomaa ta'uuf tattaafachuun qubeessuu. Akkasumas, Hayyoonni afaaniifi BBO waliin ta'uun yeroo yerootti kitaaba barattoota madaaluun qabiyyee shaakala dandeettii barreessuu gahaa ta'e akka qabaatuuf gumaacha mataa isaanii bahuu qabu. Walumagalatti seera barreeffama afaanichaatti xiyyeeffannoo addaa itti kennuun maddoota rakkoo dandeetti ga'umsaan barreessuu kana maqsuun barbaachisaadha.

Hanqina qubeessuu barattoota gosa lamaanii iraatti mul'ate kana furuuf barattoonni Afaan Amaaraan barachaa turan irra deddebi'anii shakaluu,kanneen Afaan Oromoon baratan immoo xiyyeeffannoo guddaa itti kennuun dandeettii barreessuu isaanii fooyyeffachuu qabu. Barsiisonnis gama isaaniitiin barattootasaanii adda baasani deeggaruun barbaachisaadha.

Hanqinoota kanneen akka hiika jechaa jijjiiruu,hiika dhabsiisuu,ergaa himichaa yookaan yaada barreeffamichaa addaan kutuu, haala qubeessuu afaanichaa jallisuu, saala jijjiiruu,ramaddii jijjiiruun, danuu kan ture qeenxee taasisuu mul'atu kana furuuf, seera barreeffamichaa beekuufi xiyyeeffannoo kennuun itti fayyadamuun barbaachisaadha. Barattoonni yeroo barreeffama barreessan miidhaa seera barreeffama afaanichaa eeganii barreessuu dhabuun dhufu hubachuun xiyyeeffannoo cimaa itti kennuun barreessuudha. Kan xiyyeeffatamus ergaan barbaadameefi ergaa sanaaf jechoonni waliin deemanii ergaa sana dabarsuuf jiran sirriitti qubeeffamaa jiraachuudha.

Tooftaa itti fayyadama dandeettii barreessuu adda addaa fayyadamuun barattoonni akka ga'umsa dandeettii barreessuu isaanii cimisan carraa bal'aa kenna.Kanaafuu, ga'umsa dandeettii barreessuu kana gabbibbifachuuf xiyyeeffannaa cimaa ittikennuun tooftaalee kanneen akka gochaalee fakkiin mul'isan,yaada ijoo irra deebi'anii barreessuu,dubbisa jijjiiruu,rakkoo adda baasani deeggaru, duub deebii kennuufi kkf shakalsiisuufi shaakaluun ga'umsi isaanii akka dabalau gochuu. Sadarkuma jalqabaa barattoonni mana barumsaa galan irraa jalqabee sirritti qubeessuun sammuu isaanii waliin akka walbaree guddatu osoo taasifamee gaariidha.

Walumagalatti Afaan Oromoo seera barreessuu mataa isaa waan qabuuf,seera kana beekuufi hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Kanaafuu,barsiisaan barnoota dabalataa qopheessuun yeroo

barnootaan ala shakalsiisuun rakkoo kana furuuf gumaacha mataa isaa ba'u qaba. Barattootnis xiyyeeffannoo cimaa itti kennuun barachuufi sirritti irradeddeebiin shaakaluun barbaachisaadha. Maatiin barattootaas walittidhufeenya cimaa mana barumsaa waliin taasisuun barattoota isaaniif hordoffiifi deeggarsa cimaa gochuun ga'ee isaan irraa eegamu ba'uu qabu. Manni barumsaas kitaabilee adda addaafi bakka dubbisa barattootaa mijeessuufi barsiisota onnachiisuun shoora mataasaa taphachuu qaba. Akkasumas, qabiyyeen kitaaba barataa dandeetti ga'umsa barreessuu barattootaa gabbisu irratti xiyyeeffate qophaa'uu qaba. Dhumarratis,qaamni kamuu kan Afaan Oromoo osoo guddatee jedhee hawwuufi quuqamu rakkoon qubeessuu kun gama maqfamuu qabu irratti gumaacha gama isaa osoo godhee gaariidha

WABII

- Abebe Keno.2002.‘‘*Case system in Oromo*’’ Addis Ababa University Unpublished MA thesis
- Abera Nefa.1988.‘‘*Long vowel in Oromo:agentive approach.*’’ Addis Ababa University Unpublished MA thesis
- Abdussalaam Abbaa Olii. (2013). ‘‘Dandeettii Barruu Guutuu Barreessuu Barattoota Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu,Haala Yuuniversity Wallaggaa keessatYuuniversity Addis Ababaa;’’ Waraqaa ittiin guuttanna digirii lammaffaa,AfaanOromootiin qophaa’e(kan hinmaxxanffamne)
- Addunyaa B .2010.Natoo: *Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*.Finfinnee :Mega Printing press.
- _____.2011.Akkamtaa:*Yadrimee qorannoo hujoo*.Finfinnee: Efficient Printing Press.
- Alamituu O.2010.Sakatta’a Ogbarruu Oromoo.Afola 301,Jimmaa:(kan hinmaxxanffamne)
- Andrzejewski,B.1980.‘‘*some observation on the present orthography for Oromo*’’In the international conference of Ethiopian studies,Rotterdam,Balhcema,5th pp.125-132
- Asafaa Tafarraa.(2009).Eela:*Seenaa Ogummaa Oromoo*,Finfinnee,Oromiyaa.Far East Trading PLC
- Askale L.1998.‘‘*Some points on Oromo Orthography.*’’ In interdisciplinary seminar of the Institute of Ethiopian Studies (1st) Nazareth,pp.323-337.
- Atkins, J. et al. .(1996). *Skills Development Methodology*. Part II Addis Ababaa: Addis Ababaa university press.
- Beekamaa Likkaasaa.2004.*Seerlugaa Afaan Oromoo*.Finfinnee:DhaabbataMaxxansaa Artistik.
- Beekan Gulummaa,(2015) Tuujuba:*Saayinsiifi Dandeettiwwan Afaanii*. Finfinnee Oromiyaa.
- Broadman, A. and Frynberg, J. .(2008). *Writing to communicate: Paragraph and essay* (3rd ed). USA. Person Longman press.

Brown, H. D. (2003). *Language Assessment Principles and Classroom Practices*.

San Francisco, California: Longman.

_____. (1994). *Principle of Language learning and Teaching* London: printice Hall, Inc

Byrne, D. (1988). *Teaching Writing Skills*. London: Longman Group Ltd. Cohen, A. and C. Caralacanti.

Creswell, J.W. (2009). *Research design: Qualitative & Mixed research methods approaches* (3rd ed).

Thous and oaks, Calif: sage publication.

Crystal, D. 1987. *The Cambridge encyclopedia of language*. Cambridge: Cambridge University press

Dastaa Dassaalany (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee; ManaMaxxansaa Boolee.

_____. 2013. *Bu'uura qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Dirrib Damissee. (2011). *Oromo wisdom in black civilization*. Finfinnee: Finfinnee printing and publishing

s.c.

Diyanni, R. Hoyii, C.P. 1998. *The Scribner handbook for writers* (2nd ed.). New York: Ellyn & Bacon.

Ellis, R. 2009. *The study of second language acquisition* (2nd ed.). New York: Oxford University Press.

Eric, W. 1976. *Assignments in punctuation and spelling*. Edward Arnold: The Camel of Press Ltd.

Fergus, P.M. 1983. *Spelling improvement*. A program for self-instruction (4th ed.). New York: MCGraw-Hill, Inc.

Fayisaa Damie. 1996. "Historical challenges in the development of Oromo language and some Agenda for future Research." *Journal of Oromo studies*, Murfreesboro: Middle Tennessee state university.

vol.3 no1-2, pp 18-25.

Gedion Melaku (2005). "Xiinxal Dogoggora Qubeessuu Barreeffamoota Tarjaa: Magaalaa

Naqamtee". Unpublished MA Thesis. Wollega University, WU

Getachoo Rabbirraa.2005.Furtuu: *seerluga Afaan Oromookutaa 9fi 10*.Addis Ababa:Mega Publishing

Interprise

Glencoe.2001.*writers choice Grammar* and (vol.2).Texas:GlencoeMcGraw.Hill companies ink.

Hodge.C.2009.How spelling errors helium.com/knowledge/Spelling errors-on-helium.impact

your writing scores at helium.From [http.w.w.w](http://www.w.w.w).

Guta Kedida.1989. “An Analysis Study of Patterns of Spelling Errors of Freshman Ethiopian Students at

AAU Main Campus” Addis Ababa:Unpublished MA Thesis.

Hamid Muude.1995.*Hamid Mude’s Oromo Dictionary*,vol.1.Atlanta:sagaleeOromoo publishing.

Hodge,C.2009.*How spelling errors impact your writing scores at helium*.From <http://www.helium.com/knowledge/2080-30-spelling-errors-on-helium>

owledge/2080 30-spelling-errors-on-helium

Kelly,w. and Lawton. D. .(2006). *Odyssay: from paragraph to essay* (4th ed. Pearson Longman

press.

McCrimmon, J.M. .(1963). *Writing with the purpose* A first course in college composition (3rded).

New York: Houghton Mifflin Company.

Misgaanuu Gulummaa,.(2011).*Kattaa: Ogummaa Barreessuu*. Finfinnee, Efficient printing press

Norrish, J. (1983). *Language learners and their Errors*. Landon. Machillam Publishers Ltd.

Nunan,D..(1991). *Research Method in Language Learning*. Cambridge: Cambridge University

Press

Pankhurst,R-1976. “*Beginning of Oromo studies in Europe from Africa,*” Rivista distudi:politici

International,Anno 43,nol,pp 95-206.

Ramimes, A. .(1983). *Techniques in Teaching writing*.Oxford; Oxford University press.

Richards, J.C. .(1990). *From meaning in to words: writing in a second or foreign language.*

The Language teaching matrix. Cambridge: Cambridge. University press.

Siisaay Siyyuum(2008) ‘‘xiinxala Wantoota Dandeetti Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo kutaa

11ffaa Irrattisababa ta’an’’Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Waraqaa ittiin guuttannaa digirii

lammaffaa,Afaan Oromootiin qophaa’e(kan hin maxxanfamiin)

Tafarii Ayyaanaa (2005) New systematic book series.Addis Ababa: Aster Nega Publishing Enterprise

Xilaahun Gamtaa 1994.Qubee Afaan Oromoo.From [www.africa.upenn.edu/honest/Afaan Oromo](http://www.africa.upenn.edu/honest/Afaan%20Oromo%201977.hm)

1977.hm

Dabalee A

Gaaffii Qormaataa barattootaaf dhiyaate

Barattu/ta!Duraan dursee shaakala qormaata armaan gadii shaakaluuf qophaa'uu keetiif singalateeffadha.Kaayyoon qorannoo kanaas xiinxala dogoggora barreessuu barreffama afaan oromoo barattoota mana barumsaa J/Taaddasaa birruu sadarkaa tokkoffaa kutaa saddeettaffaa qabanirratti odeeffannoo argachuudhaan rakkoo mul'ateef furmaata barbaaduuf yaadameeti. Shaakalli /deebiin ati kennitus qorannoo kanaaf baay'ee waan nugargaaruuf gaaffilee dhiyaatan hundaafdeebii barbaachisaafi qubsaa ta'e akka nu kennitu si abdanna!

Galatoomaa!

Umurii_____ saala_____Afaan dhalootaa_____Kutaa_____

Shaakala Barreessuu Iffaa Barattootaa Mana Barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa Iffaa kutaa 8ffaa.

Gaaf tokko haati warraafi abbaan warraa osoo waliin karaa deemanuu abbaan warraa biyyi keenya Oromiyaan qabeenya uumamaan badhaatudha.Lageen bonaa ganna yaa'an kanneen akka Hawaas,Gibee,Mogor,Waabeeffi Baatuu,harowwan akkaWancii,Langaanoo , Shaalaafi Dambal (Ziway)faan Oromiyaa keessatti argamu jechaa qabeenya Oromiyaa dinqisifachaa mana ga'an.Haati warraas akkuma mana geesseen cireedhaaf marqaa qopheessite.Osoo hin nyaatiin dura,abbaan warraa,'Nagaan nu oolchi,waan nyaann u nu hin dhowwatiin,'jedhee waaqa kadhate.

Osoo marqaa nyaataa jiranii abbaan warráamee yaa jaartii koo afaan na kaa'i,anis afaaniin sikaa'a,' jedhe.Achumaan haati warráa'Atis na hin gapha'iin,anis si hin gopha'u,' jettee didde.Erga takka nyaatanii booda abbaan warraa ammas deebisee,'Lakkii afaan naka'i,' jedheen.Isheenis,'Waanuma dhufutu dhufa malee afaan si hin kaa'u,'jetteen.

Abbaan warraa deebii isheetti mufatee,'kun ajaa'iba! Maaliif na hingaphiitu?Ati haadha warraa koo miti moo?' Jedhe.

Kanumaan tasa wallolan.Haati warraa lolli itti hammaannaan nyaata dhiistee bakka Wancii jedhamu,gara mana abbaa isheettiitti,baddee deemte.Erga achi geessee maayeessa fuula guurtee teesse.

Abbaan ishee bakka hojitii galee intala manatti argee, ‘‘Maal intaloo, maal taatee dhufte?’’
Jedhee gaafate. Isheenis, ‘‘abbaa warraa kootiin walloleen dhufe,’’ jedtee deebifte.
Abaan ishees, ‘‘Maalirratti walloltan?’’ Jedhee qore. ‘‘Ganama cireef marqaa marqee osoo
nyaachaa jirruu akkan afaan kaa’u na gaafannaanin dide. Kana booda lola natti kaase, anis
achumaanin dhiisee baqadhe,’’ jedtee deebifte. Abbaanis dubbicha erga xiinxalee
booda, ‘‘yaa intalakoo, harka waciitii dhaqu moo miilla Wancii dhaquutu caala?’’
jedhe.

(Tafafii, 2005:125)

Shakala barreessuu 2ffaa

Mataduree akka armaan gaditti tarreeffaman keessaa/Mata duree barbaadde ofii filachuun/
keeyyata tokko barreessi.

1. Faayidaa Nageenyaa
2. Duraa duuba bunni ittiin danfu
3. Faayidaa barnootaa,
4. Miidhaa Dhukuba HIV ADISn namarraan ga’u.
5. Faayidaa Ispoortii

Dabalee B

Af gaaffii barsiisotaaf dhiyaate

Kabajamoo barsiisa! Duraan dursee gaafilee xiinxala dandeettii ga'umsaan barreessuu afaan oromoo barattoota mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu barattoota kutaa 8ffaa Finfinnee ilaalchisee kanaa gaditti dhiyaataan deebisuuf qopha'aa ta'uu keessaniif galatoomaa!Qorannoo kanarrattis gargaarsi keessan baa'yee nu barbaachisa waan ta'eef yeroo keessan arsaa gotanii akka nugargaartan abdi guddaaqabna.

Galatoomaa!

Saala_____Umurii_____Sadarkaa barumsa_____

1.Barattootni mana barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu kutaa 8ffaa isin barsiiftan seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii barreessuu irratti mal fakkaatu?A.Hanqina qabu B.Hanqina hinqaban C.Addaan hinbaasne

2.Yoo deebiin kee "A" ta'e,akaakuunsaa maal maal ta'uumala?ibsi!

3.Hanqinni yoo jiraate maddisaa maalfaa ta'uu akka danda'u ibsi?

4.Fedhiin barattoonni Afaan Oromoo barreessuu shaakaluuf qaban maal fakkaata? A.Baay'ee olaanaa B.Olaanaa C.Gadaanaa

5.Seera barreeffamaa eeganii qulqullinaan barreessuu dhabuun kan mul'atu yoo ta'e miidhaan isaa maalfaa ta'uu danda'a jettee yaada? ibsi!

6. Barattoota kana qulqullinaan barreessuu akka gabbifataniif ni shaakalsiiftuu? A. Eeyyee B. Lakki

7. Deebiin gaaffii 5ffaa 'Eeyyeen' yoo ta'e tooftaa akkamii fayyadamtanii shaakalsiistu?

8. Ga'umsi barreessuu barattoota Afaan Oromoo barachaa turaniifi Afaan Amaariffaa barachaa turanii walqixxeedha? Sababeessi _____

9. Dandeettii barreessuu gabbifachiisuu ilaalchisee qaamni ga'eesaa ba'uu qabu eenyu eenyudha? A. barsiisaa B. barataa C. maatii barataa D. hunda

10. Hanqinoota ni mul'atu jettee yaadduuf yaada furmaataasaa kaa'i

Dabalee C

Bar gaaffii barattootaaf dhiyaate

Barattu/ta!Duraan dursee shaakala afgaaffii armaan gadii deebisuuf qophaa'uu keetiif singalateef fadha.Kaayyoon qorannoo kanaas xiinxala dandeettii ga'umsaan barreessuu afaan oromoo barattoota mana barumsaa J/Taaddasaa birruu sadarkaa tokkoffaa kutaa saddeettaffaa qabanirratti odeeffannoo argachuudhaan rakkoo mul'ateef furmaata barbaaduuf yaadameeti.Deebiin ati kennitus qorannoo kanaaf baay'ee waan nugargaaruuf gaaffilee dhiyaatan hundaaf deebii barbaachisaafi qubsaa ta'e akka nu kennitu si abdanna!

Galatoomaa!

Umurii_____ saala_____Afaan dhalootaa_____Kutaa_____

1.Atis ta'ee hiryoonna kee seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii barreessuu irratti maal fakkaattu ?ibsi _____ !

2.Hanqinni yoo jiraate maddi hanqinichaa maal maal ta'uu danda'a? ibsi!

3.Seera barreeffamaa eeganii ga'umsaan barreessuu dhabuun miidhaa maalii qaba?ibsi!

4.Barsiisaan keessan tooftaa adda addaa fayyadamuun isin shakalsiiee dubdeebii kennuu irratti maal fakkaatu ? ibsi!

5.Hanqinoota mul'ataniif furmaata ta'a jettee kan yaaddu ibsi

Waraqaa mirkaneeffannaa

Anii qorattuunn mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa hojiin kun kanaan dura yinuvarstii kamiyyuu keessatti kan hindhaanne ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessaa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqqaa Qorattuu_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Ani DR_____ barattuun kuni hojiin ishii Ofittisuuf dhihaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Afgaaffi barattoota mana barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu kutaa 8ffaa baratan waliin taasifame











Afgaaffi barsiisaa mana barumsaa Janaraal Taaddasaa Birruu kutaa 8ffaa Afaan Oromoo barsiisu waliin taasifame



